

Ethio-SHEP

Mala Gabaa irratti xiyyeeffate



Qajeelfama Raawwii

SHEP

The Ethio-SHEP Approach

Guidelines for the Implementation Process of Smallholder Horticulture Empowerment
and Promotion Approach

Qabiyyee

| | |
|--|----|
| Ministeera Qonnaa irraa kan ergame | 1 |
| JICA irraa kan ergame | 2 |
| Galata | 3 |
| Seensa | 4 |
| | |
| Boqonnaa 1: Duub-duubee fi yaada rimee..... | 7 |
| 1. Yaada Rimee Duub-Duubee fi Dhiibbaa/Bu'aa qabatamaa Hubachuu | 8 |
| 1.1. Seensa Tooftaa Ethio-SHEP | 8 |
| 2. Yaada /hubannaa Tooftaa SHEP..... | 10 |
| 2.1. Duub-Duubee yaada rimee Tooftaa "SHEP" | 10 |
| 2.2. Tooftaan 'Ethio-SHEP' tarkaanfiilee/tartiiba baay'ee barbaachisaa 4 qaba..... | 12 |
| | |
| Boqonnaa 2: Tooftaa Raawwii Ethio-SHEP | 15 |
| 2-1. Qophii..... | 16 |
| 1. Tarkaanfii Jalqaba duraa 1. Marii/Walgahii hubannoo uumuu fi Baniinsaa sirna Piroposaalaa..... | 16 |
| 2. Tarkaanfii jalqaba duraa 2. Aanaalee filachuu..... | 20 |
| 3. Tarkaanfii jalqaba duraa 3: Walgahii Leenjii leenjistoota SHEP (ToT)..... | 23 |
| 4. Tarkaanfii jalqaba duraa 4: Filannaa Garee xiyyeeffannaa Qonnaan bulaa..... | 27 |
| 2-2. Leenjii Garee Qonnaan bulaa Xiyyeeffannaa..... | 29 |
| 1. Tarkaanfii 1: Walgahii baniinsaa filannaa bakka bu'aa garee qonnaan bulaa Xiyyeeffanna Waldaa Fayyadamtoota Bishaanii | 29 |
| 2. Tarkaanfii 2: Qo'annoo Ka'umsaa Hirmaannaan | 32 |
| 3. Tarkaanfii 3: Qo'annoo Gabaa | 37 |
| 4. Tarkaanfii 4: Midhaan filatame | 41 |
| 5. Tarkaanfii 5: Fooramii walitti Hidhamiinsaa Gabaa..... | 45 |
| 6. Tarkaanfii 6: Ethio-SHEP Leenjii Teekinkaa Leenjifitootaa LL..... | 50 |
| 7. Tarkaanfii 7: Sadarkaa Xiinxalaa rakkoo yeroo omishaa midhaani fi baajataa | 53 |
| 8. Tarkaanfii 8: Leenjii dirree irraa..... | 60 |
| 9. Tarkaanfii 9: Hubannoo waa'ee koorniyaa Gabbisuu..... | 64 |
| 10. Tarkaanfii 10: Qonnaan bulaa qonnaa bulaa irraa akka baratee kaka'umsaa horatu sagantaa dawwaannaa wal jijjirraa qopheessuu | 69 |
| 11. Tarkaanfii 11: Guyyaa Dawwaannaa dirree qindeessu | 74 |
| | |
| Boqonnaa 3: Hordoffii fi Gamaggama..... | 77 |
| 1. Hordoffii yeroo yeroon | 78 |
| 2. Qu'annoo Marsaa dhumaa | 80 |
| | |
| Tarree Ibsaa dabalata..... | 82 |

Tarreeffama Gabaajee

| | |
|---------------|--|
| CP&IAD | Ragaa Xiinxala Omishaa fi galii |
| HM | Hojjattoota Misoomaa |
| Ethio-SHEP | Pirojektii Omisha Gabaa Bu'uureffate Beeksisuun Qonnaan Bulaa Qabiyyee Xixxiqqaa Kuduraa fi Muduraa Omishu Cimsuu (Ethio-SHEP) |
| WLQ | Wirtuu Leenjii Qonnaan Bulaa |
| GHCP & PHHT24 | Oogumaa Waligalaa Oomisha Kuduraa fi Muduraa fi Qabinsaa Oomishaa Boodaa (GHCP & PHHT) 24 |
| GoE | Government of Ethiopia (Mootummaa Itoophiyaa) |
| JICA | Dhaabbata Walta'iinsa Deeggarsa Teeknikaa Jaappan/ Ejensii Tumsa Gargaarsaa Idil- Addunyaa Jaappaan (JICA) |
| MLF | Fooramii Walitti Hidhamiinsa Gabaa (Market Linkage Forum) |
| MoA | Ministeera Qonnaa (Ministry of Agriculture) |
| M&E (HG) | Hordoffii fi Gamaaggama (Monitoring and Evaluation) |
| SHEP | Qonnaan Bulaa lafa Qanbiyyee xixxiqqaa Kuduraa fi muduraa Omishan Cimsuu (Small-holder Horticulture Empowerment Project) |
| WUA (WIB) | Waldaa itti fayyadama Bishaanii (Water Users Association) |

Tarreeffama Gabatee

| | |
|---|----|
| Gabatee 1. Haala Waliigalaa pirojektichaa | 9 |
| Gabatee 2. Sagantaa Walgahii Baniinsaa seensa sirna piroposaalaa | 17 |
| Gabatee 3. Samuuda Sagantaa Walgahii Koree Aanaalee pirojektichaa filachuu | 20 |
| Gabatee 4. Saamuda Cheek listii adda baafannaa iddoo | 21 |
| Gabatee 5. Ulaagaa filannaa garee xiyyeeffannaa qonnaan bulaa Ethio-SHEP | 27 |
| Gabatee 6. Samuda Sagantaa Walgahii baniinsaa garee xiyyeeffannaa qonnaan bulaa | 30 |
| Gabatee 7. Saamuda Sagantaa Shaakallii Qo’annoo Ka’umasaa | 33 |
| Gabatee 8. Saamuda sagantaa Shaakallii Qo’annoo Gabaa | 37 |
| Gabatee 9. Gahee fi itti gaafatamummaa | 38 |
| Gabatee 10. Samudaa Sagantaa shaakaala filannaa Midhaanii | 41 |
| Gabatee 11. Saganta samudaa fooramii walitti hidhamiinsaa Gabaa | 46 |
| Gabatee 12. Saganta Samuda Walgalii Teekinkaa (LL) | 51 |
| Gabatee 13. Samuudaa sagantaa yeroo omishaaa gaggeessuu fi baajata | 54 |
| Gabatee 14. Samuda Uunkaa xiinxala rakkoleef | 56 |
| Gabatee 15. Fakeenyaa XiinxalaRakkoollee | 56 |
| Gabatee 16. Samuda sagantaa leenjii dirree irraa | 61 |
| Gabatee 17. Sammuuda saganta Godina Arsii irra walitti qabame | 70 |
| Gabatee 18. Sammuuda sagantaa | 74 |

Tarree Giraafii

| | |
|---|----|
| Fakkii 1. Odeeffannoo dogongoraa gabaa gar-lamee Hambisuu | 10 |
| Fakkii 2. Kaka’umsa Bu’uuraa lamatu jira: kaka’umsa Mataa Ofii fi Alaa | 11 |
| Fakkii 3. Namni si’oomina kan horatu yoo fedhiwwan xiin-sammuu sadeen (of danda’uu, of Bulchuu fi walitti hidhamuu) guutameef. | 12 |
| Fakkii 4. Tarkaanfiilee barbaachisaa ‘Ethio-SHEP’ | 12 |
| Fakkii 5. Saamuda uunkaa piroposaalaa | 19 |
| Fakkii 6. Unkaa qo’annoo Ka’umsaa fi Dhumaa/boodaa | 35 |
| Fakkii 7. Fakeenya Uunkaa Qo’annoo Ka’umsaa | 35 |
| Fakkii 8. Oogumaa Waligalaa Oomisha Kuduraa fi Muduraa fi Qabinsaa Oomishaa Boodaa (GHCP & PHHT) 24 | 36 |
| Fakkii 9. Unka Ittiin filannoon Midhaanii gaggeeffamu | 39 |
| Fakkii 10. Fakeenya Unka Filannoo Midhaanii Guutame | 40 |
| Fakkii 11. Uunkaa miidhan filatama | 43 |
| Fakkii 12. Shiittii miidhaan ittiin filatamu | 44 |
| Fakkii 13. Obboo. Fiqaduu walitti hidhamiinsafooramii Gabaa (<i>sagalee qonnan bula irraa 2020</i>) | 49 |
| Fakkii 14. Samuda unka Kalaandara Omishaa fi Baajataa | 57 |
| Fakkii 15. Fakeenya Kalaandara Midhaanii fi Baajataa | 57 |
| Fakkii 16. Ibsa unka Kalaandara Midhaani fi Baajataa | 58 |
| Fakkii 17. uunkaa shaakaala Dirree | 71 |

Ministeera Qonnaa irraa kan ergame

Ethiopia's economy is much dependent on agriculture, with about 85% of the population relying on agriculture for their livelihood. In account of this, the horticulture development department has a major role in increasing production and productivity of farmers through implementation of improved technologies and practices. Our department has implemented the National Horticulture Development and Marketing Strategy aiming at sustainably increasing the production and productivity of horticultural crops to improve the food and nutrition security and income-generation capacity of the producers. Recently, our ministry had reform and restructured directorates. Thus the previous Horticulture Development and Technology Transfer Directorate has been upgraded to Horticulture Development Department under State Minister of Agriculture and Horticulture Development Sector and it consists of desks of Vegetables & Herbs, Fruit, Roots & Enset, and Floriculture Development.

The Ethio-SHEP project has been one of the partners in supporting our ministry's horticulture development initiatives. The project has been jointly implemented by JICA and Ministry of Agriculture (MoA), Oromia Bureau of Agriculture (OBoA) and Amhara Bureau of Agriculture (ABoA) to realize the market-oriented agricultural extension services to smallholder farmers on the ground. Through its six-year intervention, the SHEP approach has been recognized by our ministry and target regions as one of the effective & practical market-oriented extension approach.

During the intervention period, the Ethio-SHEP project developed user-friendly extension materials and distributed them to project areas in hard and soft copies that are to be utilized by counterparts during their regular training programs. The Ethio-SHEP Implementation Guideline is one of the most important documents developed through two-round workshops in June 2021 & July 2022 by agricultural experts selected from MoA, regional and zonal agricultural experts and including other partners such as, SAA and IFAD as a result of the six-year Ethio-SHEP project intervention

Our department hereby endorses the Ethio-SHEP Implementation Guideline as a final version so as to utilize it in scaling up of the SHEP approach and update periodically in line with revision of the horticulture extension package. At this opportunity, our ministry has great recognition to the Ethio-SHEP project for promoting market-oriented agriculture with smallholder horticulture farmers nearly for six years to practice "Farming as a Business" in the two regions (Amhara and Oromia) since 2017.



Mr. Abdella Negash Seid
Chief Executive Officer
Horticulture Development Department
Ministry of Agriculture

JICA irraa kan ergame

Smallholder Horticulture Empowerment & Promotion (SHEP) Approach was originally developed in Kenya through a technical cooperation project between JICA and the Ministry of Agriculture of Kenya in 2006. SHEP is an approach, which helps to realize "Market-Oriented Agriculture" by transforming farmers' mind from "grow and sell" to "grow to sell". In Kenya, with this approach, the project achieved doubling income of 2,500 smallholder farmers only within 2 years (2007-2009). Since then, SHEP approach has rapidly expanded to 30 countries in Africa and 50 countries worldwide as one of the key pillars of JICA's Agricultural Cooperation.

In Ethiopia, JICA and the Ethiopian Government started the implementation of "The Project for Smallholder Horticulture Farmer Empowerment Through Promotion of Market-Oriented Agriculture (Ethio-SHEP)" in Amhara & Oromia region in 2017. The project made remarkable achievement at farmer's level (both in terms of income and production techniques) as well as significantly contributed to the capacity development of experts in the target areas. The provisional results of the Terminal Evaluation of the project conducted in August 2022 shows that the target farmers increased crop productivity (kg/ha) and the average price of their produce (ETB/kg) after the two-year interventions by the project, which resulted in growth of their net income by 125% on average.

Building on this success, this implementation guideline was developed in collaboration with counterparts (MoA, ABoA and OBoA) based on practical experiences from the implementation of the Ethio-SHEP project in Ethiopia. After series of discussion & consultation with senior experts from Federal, Region and Zone including development partners (Sasakawa and IFAD), the guideline was finalized and has been prepared in 3 languages (English, Amharic and Afaan Oromo) with detail steps on how to implement market-oriented agriculture extension service using the SHEP approach while fully taking into account the Ethiopian context such as policy, institution, markets, and local conditions of the farmers on the ground.

The achievements from the last 6 years of the project clearly showed that the SHEP approach could definitely contribute to strengthen & transform Ethiopian agriculture extension service by changing smallholder farmers' landscape & livelihood. I hope this implementation guideline will be an integral part of the Ethiopian government's agricultural extension system and widely utilized by the agriculture extension service providers at all levels to further promote market-oriented extension service in Ethiopia.

Finally, let me express my sincere appreciation to all the agriculture experts at the Federal, Regional, Zonal and Woreda levels for their unreserved efforts to develop, finalize, and disseminate the guideline.

October 2022



Katsuki Morihara (Ph.D.)
Chief Representative
JICA Ethiopia Office

Galata

This Ethio-SHEP Implementation Guideline was developed as an output of the 1st guideline development committee workshop in June 2021 and was finalized at the 2nd guideline development committee workshop in July 2022. Committee was composed of counterparts of the Ethio-SHEP project, namely Ministry of Agriculture (Horticulture Development & Technology Transfer Directorate and Agricultural Extension Directorate), Amhara Bureau of Agriculture (Horticulture & Irrigation Water Management Directorate and Agricultural Extension Directorate), Oromia Bureau of Agriculture (Crop Development Directorate and Agricultural Extension Directorate), Agriculture Office (Horticulture Team and Extension Team) of Awi zone and West Gojam zone from Amhara region, Agriculture Office (Crop Production & Protection Team and Extension Team) of Arsi zone and Jimma zone from Oromia region, researchers from Melkasa Agricultural Research Center and development partners such as Sasakawa Africa Association (SAA) and IFAD PASIDP-II team. We sincerely appreciate their paramount contribution to development of this Ethio-SHEP Implementation Guideline (English, Amharic and Afaan Oromo) in line with the Ethiopia National Agricultural Extension Strategy.

We would also like to send special thanks to experts and farmers of respective target woredas & kebeles who are not mentioned in this document but actually exercised the market-oriented agricultural extension by introducing the SHEP approach on the ground and brought tangible evidence of effectiveness of the SHEP approach in Ethiopian context. They are the pioneers of the SHEP approach in Ethiopia, and witness of its success in improving farmers' livelihood.

We, as the Ethio-SHEP project team, strongly believe that this Ethio-SHEP Implementation Guideline will serve as a practical guiding document for agriculture professionals who are mandated to deliver market-oriented & demand-driven extension services and will contribute to the livelihood change of smallholder farmers in Ethiopia nationwide.

November 2022



Fumiaki SASO
Chief Advisor/SHEP Approach
Ethio-SHEP Project

Seensa

Qajeelfamni kun kan qindeeffame muuxannoo pirojektii Omisha Gabaa bu'uureffate beeksisuun Qonnaan Buloota Qabiyyee xixiqqaa Kuduraa fi Muduraa Omishan cimsuu (Ethio-SHEP) pirojektii wal Deeggarsaa Teeknikaa Mootummaa Itoophiyaa fi Dhaabbata Gargaarsa Addunyaa Jaappaniin dha (JICA).

Tooftaan SHEP jalqaba kan hundaa'e biyya Keeniyaa keessatti Walta'iinsa Deeggarsa Teeknikaa Mootummaa Keeniyaa fi Jaappaan jidduutti godhameen yoo ta'u kaayyoon isaa tajaajila ekisteenshinii qonnaa cimsuu dha ture. Pirojektichi Keeniyaa keessatti bara 2006(ALA) hojii isaa yoo jalqabu, tooftaan 'SHEP' guddate adeemsa raawwii pirojektii yaalii fi dogongoraa keessa darbeeti dha. Muuxannoo lafa jiru irratti hundaa'uun, 'SHEP' ilaalcha isaa gara qonna gabaa bu'uureffatetti jijjiiruu fi qonnaan buloota qabiyyee xixiqqaa qaban aangessuun gara ekisteenshinii qonnaatti guddisuu dha.

Bara 2022(ALA) ttii tooftaa 'SHEP' Afrikaa keessatti qofa osoo hin daangeffamin gara biyyoota Eeshiyaa, Jiddugala Bahaa fi biyyoota Laatiin Ameerikaa waliigala biyyoota 23 keessatti babal'isuuf yaadamee jira.

Pirojektiin "Ethio-SHEP" Itoophiyaa keessatti bara 2009 (2017) yoo jalqabamu, iddoo irratti xiyyeeffate hojjate keessatti galii qonnaan buloota qabiyyee xixiqqaa guddisuun milkaa'ee jira. Gareen pirojektichaa tajaajila ekisteenshinii mootummaa Itoophiyaa hojii irra oolche guddisuuf hojiilee adda addaa gaggeessanii jiran. Pirojektiin 'Ethio-SHEP', adeemsa raawwii keessatti tooftaa "SHEP" Keeniyaa keessattii hojii irra oole irra deebi'ee xiinxalee, haala qabatama ekisteenshinii qonnaa fi caaseffama Itoophiyaa waliin deemuu danda'uun tooftaa 'Ethio-SHEP' jedhamu ta'eera.

Kaayyoo

Kaayyoo guddaan qajeelfama kanaa haala raawwattootni ekisteenshinii qonnaa sagantaa leenjii Qonnaan Bulaa qabiyyee xixiqqaa Omisha Gabaa bu'uureffate itti karoorsanii fi kennan irratti deeggaruu dha. Fayyadamtootni dokumentichaa raawwattoota tajaajila ekisteenshinii qonna Kuduraa fi Muduraa fi kutaa ekisteenshinii feederaalaa, Naannoo, Godinaa fi sadarkaa Aanaa fi akkasumas Hojjattoota Misoomaa (HM) Qonnaan Buloota Qabiyyee Lafa xixiqqaa qaban deeggaruuf gaheen kennameef dha. Qajeelfamni kun leenjii waggaa keessatti itti fufiinsaan feederaalli, mootummaaleen sadarkaa Naannoo fi akkasumas leenjii mootummaalee sadarkaa naannoo ogeessota kuduraa fi muduraa Godinaaleen kennamuuf ooluu ni danda'a. Qooda fudhatootni biroo gahee isaanii irratti leenjii hojjattoota ekisteenshinii fi Qonnaan Buloota Qabiyyee Xixiqqaa qaban irratti gaggeessuuf itti gaafatamummaa qaban dokumentii kana gargaaramuu ni danda'an. Dubbistoota irraa wanti eegamu, qajeelfama raawwii kana ilaaluun tooftaa "Ethio-SHEP" Naannoolee, Godinaalee, Aanaalee fi gandoota isaanii keessatti hojii irra akka oolchani dha. Qajeelfamni kun akkasumas muuxannoo pirojektiin "Ethio-SHEP" Naannoo Amaaraa fi Oromiyaa keessatti qabu irratti hundaa'ee kan qophaa'e yoo ta'u, raawwattootni naannoolee adda addaa keessa jiran samuda sagantaalee, uunkaalee fi meeshaalee/maateriyaaliiwwan kana gara qabatamaa naannoo isaanitti akka sirreessanii hojii irra oolchan ni jajjabeeffamu.

Dokumentiin qajeelfama raawwii kun Boqannaa sadii qaba: Boqannaa 1 yaada duub-duubee (back ground) haala waliigalaa tooftaa "Ethio-SHEP" fi haala boca (Design) pirojektii "Ethio-SHEP" ibsa. Boqannoo 2 Qindeessitootni haala kamiin leenjiiwwanii fi walgahiiwwanii akka qopheessanii fi hojiilee tooftaa "Ethio-SHEP" akka raawwatan agarsiisa. Boqannaa 3. Hordoffii fi gamaaggama raawwii hojii "Ethio-SHEP" haala hirmaachisaa ta'een adda baasa. Boqannaan 2 fi 3 lamaanuu cuunfaa fi kaayyoo hojiilee tokko tokkoon sadarkaan samuda sagantaa, baajata, uunkaa leenjii fi meeshaa ni qabata.

Qajeelfama uwwisa hojiilee hundaa tooftaa Ethio-SHEP kana irraa darbuun, gareen pirojektichaa varshinii salphaa

hojiilee ijoo qajeelfamichaa irraa baasuun ‘paakeejii salphaa hojiilee Ethio-SHEP’ jedhame qopheessee jira. Qajeelfamni salphaan kun dhaabbileen tooftaa gabaa-bu’uureffate baajata xiqqan akka beeksisaniif qophaa’e.

Gara pirojektichaatiin, gareen ‘Ethio-SHEP’meeshaalee ekisteenshinii gara garaa heddu kanneen akka ‘Kambishabai’, maanuwaalii too’annaa dhibee fi ilbiisotaa fi uunkaalee gosa adda addaa kan akka qo’annoo gabaa, filannoo sanyii, qo’annoowwan ka’umsaa fi dhumaa, Kalaandara/yeroo omishaa, baajataa fi koorniyaa, kkf hojjatanii jiran. Dabalataanis miseensotni hawaasa naannoo haala salphaan akka hubachuu danda’an, maanuwaaliiwwanii fi uunkaaleen fakkiwwanii fi agarsiisota adda addaa qophaa’anii jiran.

Qajeelfamni raawwii kun qondaalota/ogeessota tajaajila ekisteenshinii qonna mootummaa Itoophiyaa fi qooda fudhattoota biroo qonna gabaa bu’uureffate beeksisuun deeggarsa qonnaan bultoota qabiyyee lafa xixiqqaa irratti hojjataatiif faayidaa qabeessa akka ta’u ni amanna.

Boqonnaa 1: Duub-duubee fi yaada rimee

Hubannoo Yaada rimee Duub-duubee
fi Dhiibbaa pirojektichaa

1. Yaada Rimee Duub-Duubee fi Dhiibbaa/Bu'aa qabatamaa Hubachuu

1.1. Seensa Tooftaa Ethio-SHEP

Duub-Duubee fi yaada Waliigalaa Ethio-SHEP

Qonni lafee dugdaa dinagdee Itoophiyaa waan ta'eef, gahee omisha biyya keessatti omishamu keessaa gara harka walakkaa yoo qabatu, jiruu fi jireenyi humna namaa %85 ta'uu deggaruu fi sharafa biyya alaa %90 ta'u ni argamsiisa. Biyyi Itoophiyaa qilleensa gosa adda addaa, lafa bala'aa omisha gahaa kennuu danda'u, rooba gahaa fi humna namaa bal'aa waan qabduuf qonnaaf baay'ee mijooftu dha. Humna bal'aa jiru kana waan hubateef, mootummaan tajaajila ekisteenshinii amma hojii irra oolee jiru akka Imaammata tokkootti cimsuun seektara qonnaa jijjiiruuf murteesse jira. Biyyattiin humna qonnaa guddaa fi tattaaffii mootummaa cimaa qabaatu illee, qonnaan bultootni qabiyyee xixiqqaa qaban amma illee rakkoowwan adda addaa keessatti tattaaffachaa jiran,

Rakkoolee kana hiikuuf, mootummaan bara 2009 (2017ALA) keessa tarsiimoo ekisteenshinii baasee ture. Tarsiimichi akka agarsiisutti qonnaan bultoota qabiyyee xixiqqoo qaban haala baratamaa/aadaa irraa gara omisha qonna gabaa (gara gabaaf omishuu) ceesisuun/jijjiiruun faayidaa inni qabu lafa kaayee jira.

Haala kana keessatti ilaalcha qonnaan bulaa gara omisha qonna gabaa irratti xiyyeeffatetti jijjiiruuf mootummaan Itoophiyaa Dhaabbata Walta'iinsa Deeggarsa Teeknikaa Addunyaa Jaappaan (JICA) deeggarsa gaafatee ture.

Haaluma kanaan, marii mootummaa Itoophiyaa waliin gaggeeffameen, Dhaabbatni Walta'iinsa Addunyaa Jaappaan mata duree leenjii "Sagantaa leenjii Qonnaa Qotee Bultoota Qabiyyee lafa xiqqaa qaban Jiddu galeessa godhate" jedhu bara 2006(2014) irraa eegalee jalqabee jira. Leenjii biyya Jaappaan kana boodaa, hirmaattotni hojii yaalii pirojektii Naannoo Oromiyaa keessatti jalqabani ture. Adeemsa yaalii pirojektichaa keessatti, qonnaan bultoota irratti xiyyeeffatamee hojjatamu biratti jijjiiramootni gaggaariin kan akka babal'ifannaa omisha gabaa fi midhaan gabaa irratti gatii guddaa qabu (qullubbii adii) mul'atee jira.

Bu'aa sadarkaa yaalii mul'atetti aanee/booda, pirojektichi 'Qonna Gabaa Bu'uureffate beeksisuun Qonnaan Bultoota Qabiyyee xixiqqaa Kuduraa fi Muduraa omishan aangessuu/ga'eessuu' (Eth-SHEP) bara 2009 (2017) ifatti jalqabeera. Dokumentiin kun muuxannoo pirojektichaa Waggoottan darban Naannoo Amaaraa fi Oromiyaa keessatti raawwatamani jiddugaleessa godhatee kan qophaa'e dha.

Haala Waliigala Pirojektichaa

Mata duree Pirojektii: Qonna Gabaa Bu’uureffate Beeksisuun Qonnaan Buloota Qabiyyee xixiqqaa Kuduraa fi Muduraa omishan aangessuu/ga’eessuu’ (Ethio-SHEP)

Dhaabbata Raawwatu: Ministeera Qonnaa, Biiroo Qonnaa Naannoo Amaaraa, Biiroo Qonnaa Naannoo Oromiyaa,

Yeroo Turmaata Pirojektii: Amajjii 2009(2017) – Amajjii 2015(2023)

Garee Xiyyeeffannaa: Hojjattoota Ministeera Qonnaa, Biiroo Qonnaa Naannoo Amaaraa, Biiroo Qonnaa Naannoo Oromiyaa, Qonnaan Bulaa Qabiyyee xixiqqaa Omisha Kuduraa fi Muduraa (tilmaama fayyadamtoota waliigalaa¹ qonnaan buloota 6000)

Iddoo raawwii pirojektii: Aanaalee filataman Naannoo Oromiyaa keessatti Godina Arsii fi Jimmaa Naannoo Amhaaratti Godina Lixa Gojjamii fi Godina Hawwii

Gabatee 1. Haala Waliigalaa pirojektichaa

| | |
|-----------------------------------|---|
| Maqaa pirojektii | Qonna Gabaa Bu’uureffate Beeksisuun Qonnaan Buloota Qabiyyee xixiqqaa Kuduraa fi Muduraa omishan aangessuu/ga’eessuu’)-Ethio-SHEP) |
| Yeroo Turmaata pirojektii | Amajjii 2009(2017) – Amajjii 2015 (2023) (Waggaa 6) |
| Dhaabbata Raawwatu | Ministeera Qonnaa fi Qabeenya Uumamaa (MQQU), Biiroo Qonnaa Oromiyaa (BQO), Biiroo Qonnaa Amharaa (BQA) |
| Iddoo Pirojektiin itti raawwatamu | Naannoo Amaaraa keessatti Aanaalee torba, Naannoo Oromiyaa keessatti Aanaalee torba |
| Galma Waliigalaa | Tooftaa SHEP Omisha Qonnaa Gabaa bu’uureffate Qonnaan Bulaa Qabiyyee xixiqqaa Omisha Kuduraa fi Muduraa Omishan Mootummaan Itoophiyaa beeksiisu. |
| Kaayyoo pirojektii | Kaayyoon tooftaan SHEP qonna Kuduraa fi Muduraa irraa galii qonnaan bulaa guddisuu fi hojii bu’a qabeessaa hojjachuun gara iddoo biroo babal’isuu |
| Bu’aa eegamu | Bu’aa 1: Tooftaa “SHEP” n bu’uureffate Humna rawwachisumma tajaajila ekisteenshinii kennuu guddate Bu’aa 2: Tooftaa SHEP irratti hundaa’uun tajaajila ekisteenshinii bu’aa qabeessa qonnaan buloota garee xiyyeeffannootiiif kenname Bu’aa 3: Ekisteenshinii paakeejii SHEP sadarkaa paakeejii eeggate garee xiyyeeffannaa ijoo SHEP fi paakeejii salphaa carraa leenjii adda addaa qophaa’ee fi karoofame |

¹ Ittifayadamtootni kan dabalatu (1) Qonaanbultoonni miseensaa fi (2) Qonaanbuloota miseensa waldaa itti fayadama bishaan jallisii keessa jiraanif. projektiinii alkalattii dhaan isaani fayaduuf bocame (2) leenjiini tokko tokkokaan kenaamu Qonaanbuloota miseensa projektif qofa miti, akkasumaasii Qonaanbuloota ittifayadama bishaan jallisii keessa jiran hundaaf.

2. Yaada /hubannaa Tooftaa SHEP

2.1. Duub-Duubee yaada rimee Tooftaa “SHEP”

Tooftaan “SHEP” yaada akkaadaamiwwan lamaaniitiin “odeeffannoo gabaa gar-lamee” yaada dinagdee fi yaada of danda’uu/bulchuu’, yaada xiin-sammuu jedhamu irraa uumame.

2.1.1. Gabaa Odeeffannoo gar-Lamee

Odeeffannoon gabaa gar-Lamee (aseemetirikii) kan uumamu yoo qaamni bituu fi gurguruu odeeffannoo wal fakkaatu hin qabne dha. Fakkeenyaaf yoo qotee bulaan waa’ee gabaa odeeffannoo xiqqaa qabaate (qulqullinaa yookan baay’ina barbaadamuun, jijjiirama gabaa, gosa omisha gabaa irratti barbaadamu), warri jumlaa guruguru carraa qaawwa odeeffannoo kanatti fayyadama. Qonnaan bultootni adeemsa kana dhabuu ni danda’u

Akka yaadama kanaatiin, dhimmi baay’ee murteessaa ta’e tokko warra hojii sona omishaa dabaluu hojjatu jidduuttii walitti dhufeenya fi wal-amantaa cimsuu dha. Haaluma kanaan, kaayyoon tooftaan “Ethio-SHEP” hojilee adda addaa akka qorannoo gabaa gaggeessuu, Kalaandara/yeroo omishaa qonnaa qopheessuu fi baajataan deeggaruu, gumii(fooramii) walitti hidhamiinsa gabaa uumuu, fi deeggarsi itti fufiinsa ogeessa ekisteenshinii akka jiraatu gochuun rakkoolee kun akka hiikaman gochu dha.

Yaadni qaama bitu bira jiru, daldaltootni jumlaa kuduraa fi muduraa lafa fagoo irraa bitaa turan, garuu qonnaan bultootni dhiyeenya irratti omisha gahaa gabaaf dhiyeessuuf omishan. Daldaltootni jumlaa yoo omisha dhiyeenya bitan, baasii geejjibaa irraa hir’isuun bitan. Marii qo’annoo gabaaa fi fooramii walitti hidhamiinsa gabaa irratti qonnaan bulaan qaawwa odeeffannoo gabaa cufamuu qabu akka jiru kaasa/ibsa.

“Farmers are mixing good and bad quality products . . .”
[Mitigating Information Asymmetry]

Hojjataa Ekisteenshinii

Qonnaan Bulaa

Daldalaa Jumlaa

Fakkii 1. Odeeffannoo dogongoraa gabaa gar-lamee Hambisuu

2.1.2. Yaada rime offii Murteessuu

Kaka'umsa/si'oomina jechuun maalii?

Kaka'umsi kan ittiin ibsamuu yaada “nan raawwadha” jedhu of keessatti uumuun si'oomina/onnee itti horuu dha. Kaka'umsi yaada rimee lama of keessaa qaba: 1) kaka'umsa keessaa/uumamaa fi 2) kaka'umsa alaa dhufu (Fakkii 2). Namni tokko kaka'umsa mataa isaa/keessaa yoo uummate, hojjachuuf gammadaa waan ta'eef inni/isheen hojjicha ni hojjata/ni hojjatti. Namni tokko kaka'umsa alaa yoo argate, inni/isheen hojii tokko ni hojjatan, sababni isaa sochooftuu alaa kan akka badhaasaa yookin adabbiin waan jiruuf. Hojiin tokko kaka'umsa mataa offii yookin fedhii alaatiin ta'uu murteessuu/beekuuf, yaada fedhii xiinsammuu yaada rimee of bulchuu fayyadamuu ni dandeenya.



Fakkii 2. Kaka'umsa Bu'uura lamatu jira: kaka'umsa Mataa Ofii fi Alaa


Akka yaadni kun ibsutti namni fedhii keessaa (xiinsammuu) sadi qaba, kunis fedhii offii danda'u, dorgomaa/dandeettii fi walitti hidhamiinsa gaarii qabaachuu (Fakkii 3). Hanguma tokkoon tokkoo fedhiwwan kun caalmatti guuttaman, nus hojiin kun kaka'umsa keessaatiin jechuun caalmaatti akka yaadnu waan taanuf irra caalaa ni gammanna.

Of danda'uu (Autonomy) jechuun murtii offii kennuu dha. Fedhiin kun kan guutamu namni offii murtessuu yoo danda'e. Namootni akkanaa kun namni tokko akka hojjatu yoo dirqisiisee hojjachuuf gammachuu hin qaban.

Dandeettii qabaachuu (Competence) jechuun namni hojii tokko raawwachuuf dandeettii sirrii qabaachuu qaba. Hojjichi baay'ee salphaa yookin baay'ee ulfaataa/wal-xaxaa ta'uu ni danda'a. Lafa isaanii hunda irratti sanyii dinnichaa fooyya'aa dhaabuun baay'ee itti ulfaachuu danda'a, garuu sanyii kana lafa xiqqaa irratti dhaabuun tarii kan barbaachisu baasii ka'umsaa fi humna namaati dha. Gosti sanyii kun immoo raammoo fi dhibeewwan yookin jijjiirama qilleensaa (baay'ina roobaa yookin gogiinsaa) saaxilamuu/miidhamuu ni danda'a. Gorsa muraasni qotee bultoota muraasaaf kennuun kan danda'amu ta'us, qonnaan bultoota hundaa kennuun garuu ulfaachuu danda'a ta'a. Odeeffannoo sirriin ogees-sota ekisteenshinii irraa qonnaan bultoota kennamu kaka'umsa qonnaa bulaa uumuu keessatti dhimma baay'ee ijoo dha.

Walitti hidhamiinsa (Relatedness) jechuun sadarka namootni walitti hidhama hawaasa naannoo waliin qabani fi itti yaadani dha. Hiriyaan kee tokko deeggarsa yoo si gaafatee, isa yookin ishee gargaaruuf rakkoo hin jiru ta'a. Haata'u malee, namni ati hin feene/hin jaalanne tokko yoo si gaafatee gargaaruufi fedhii/si'oomina hin qabdu. Kanaafuu, hojjataan misoomaa tokko jalqaba qonnaan bultoota waliin walitti dhufeenya gaarii qabaachuu qaba. Karaan kun ittiin dhugoomuu danda'u immoo hojiilee 'Ethio-SHEP' hojjachuudhan.

Knaafuu, fedhiwwan kun guutumaa guututti yoo hin guutamin, qonnaan bulaan si'oomina guutuu hin horatan. Fedhiwwan kun guutumatti yoo guutume garuu qonnaan bulootni si'oomina ni horatan.



Fakkii 3. Namni si'oomina kan horatu yoo fedhiwwan xiin-sammuu sadeen (of danda'uu, of Bulchuu fi walitti hidhamuu) guutameef.

2.2. Tooftaan 'Ethio-SHEP' tarkaanfiilee/tartiiba baay'ee barbaachisaa 4 qaba.

Yaada rimee akkaadaamiwwan lamaan kana akka guutuu ta'etti danda'utti fudhachuun, hojjiileen 'Ethio-SHEP' duraa duubaan leenjii dandeettii cimsu kennuun si'oomina qonnaan bulaa guddisuuf hojjiilee hojjatamuu qaban of-eeggannoon lafa kaayee jira.

Tarkaanfii 1: Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu, **Tarkaanfii 2:** Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu, **Tarkaanfii 3:** Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu, **Tarkaanfii 4:** Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu (Fakkii 4). Ibsi tarkaanfiiwan 4 akka armaan gaditti gadi fageenyaan dhiyaate.

| Tarkaanfii Arfan | Hojjilee |
|--|--|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka'umsa qu'annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu'annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggaramu kennuu - Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Fakkii 4. Tarkaanfiilee barbaachisaa 'Ethio-SHEP'

Tarkaanfii 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachu

Tooftaan ‘Ethio-SHEP’ adeemsa hirmachisaa dakaa-olii waan ta’eef, adeemsi ‘Ethio-SHEP’ qonnaan bulootaa bu’aa maal fiduu akka danda’uu fi hojiilee kamtu adeemsicha keessatti akka hin haammatamne qonnaan bulootaa waliin sirriitti irratti waliigaluun baay’ee barbaachisaa ta’uu itti amana. Adeemsa kana keessatti, eenyu/kamtu qabeenya isaanii fayyadamuun jiruu fi jireenya isaanii fooyyessuu fi jijjiiruuf fedhii akka qabu adda baasuun ni danda’ama.

Tarkaanfii 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu


Tarkaanfii 2 kan ibsu qo’annoo ka’umsaa fi gabaa hirmachisaa ta’e gaggeessuun yeroo ammaa haalli qonnaan bulootaa maal akka fakkaatu beeku dha. Qo’annoon gabaa carraa fi humna dameen omisha kuduraa fi muduraa qabu baruuf dandeechisu. Humna seektara kuduraa fi muduraa jiru irratti tarkaanfii jalqabaa itti yaadamuu qabu dha.

Tarkaanfii 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu

Tarkaanfii 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu deeggaruu.

Qo’annoon gabaa qonnaan bulootni maal omishuu akka qaban odeeffannoo gahaa kenna. Qonnaan bulootni Kalaandara/yeroo omisha qonnaa eeganii karoorsuu fi baajata qabachuun, omisha isaa yoomii fi eessatti akka gurguru yaadatu/beekuuf carraa ken-naaf. Namni maal akka raawwatu murteessuu ni barbaada waan ta’eef qonnaan bulootnis waa’ee qonna isaanii isaanumti ofii karoorsuu barbaadu. Ogeessotni qonnaa deeggartootaa ta’uun, karoorri omisha qonna akka galma gahu qonnaan bulootaa waliin ta’uun hojjatu.

Filannoo hojji keenya ittiin to’annu qabna!



Tarkaanfii 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu

Dhuma irratti, ogeessotni qonnaa qonnaan bulootaaif leenjii teeknikaa ni kennu. Gaaffiin yeroo mara gaafatamu, trakaanfii baay’ee deemuun dura pirojektichi qonnaan bulootaa leenjii teeknikaa maaliif hin kennin jedhu ni ka’a. Akka armaan olitti ibsame (2.1.1 odeeffannoo gabaa gar- lamee), qonnaan bulootni osoo qo’annoo gabaa hin gaggeessin, odeeffannoo qaba irratti hundaa’uun karoora qonna isaanii murtessuu ni danda’an, garuu murtii sirrii/qabatamaa gochuuf gahaa miti. Dabalataan, sagantaa Ethio-SHEP itti aanu keessatti, tarkaanfiilee barbaachisaa afur, qonnaan bulootni Shaakallii qo’annoo gabaatiin odeeffannoo akkamii akka guuruu barbaadani fi odeeffannoo yeroo walgahii filannoo sanyii haala kamiin akka xiinxalan ni baratan.



“Nama tokko qurxummii kiyyeessitee kennuun guyyaa Tokko qofa isa nyaachisuu dha”

“Nama tokko qurxummii akkamitti akka kiyyeessu barsiisuu Jireenya isaa guutuu isa nyaachisuu dha”

Boqonnaa 2: Tooftaa Raawwii Ethio-SHEP

2-1. Qophii

Qophii

Rawwii

Gamaggama
fi Hodoffii

1. Tarkaanfii Jalqaba duraa 1. Marii/Walgahii hubannoo uumuu fi Baniinsaa sirna Piroposaalaa

| Qophii | Gocha |
|--|--|
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 1 | - Walgahii baniinsaa hojiitti galuu (Raawwatoot-aaf) iddoo pirojektii/garee xiyyeeffannoo filachuun fi seensa sirna piroposaala hojii |
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 2 | - Aanaalee pirojektichi keessatti raawwatamu filachuu |
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 3 | - Walgahii Leenjii leenjistoota 'SHEP' |
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 4 | - Filannaa garee qonnaan bultoota xiyyeeffannaa |
| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka'umsa qu'annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu'annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggeessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu. | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarama kennuu - Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Asi jirra.

1.1. Seensa

Walgahii baniinsaa (sensetization workshop) iddoo pirojektichaa yookin garee xiyyeeffannaa, adeemsa sagantaa Ethio-SHEP gabaa bu'uureffate tuuta manajimentii Godinaa fi Aanaalee akkasumas ogeessa kuduraa fi muduraa fi hojjattaa misoomaa Aanaalee haala pirojektii Ethio-SHEP fi dhiibbaa/bu'aa adeemsichaa irratti hubannoo wal fakkaatu akka argatan ibsa kennuuf carraa uuma. Akkasumas, sirni piroposaala Aanaalee xiyyeeffannaa guyyaa walgahichaa ni ibsama.

1.2. Kaayyoo

- Godina xiyyeeffannaa keessatti, Manaajimentii Godinaa fi Aanaa, ogeessaa kuduraa fi muduraa Aanaa fi gaggeessitoota gandaa Aanaalee kadhimamaniif hubannoo kennuu
- Ulaagaan filannaa Waldaa Fayyadamtoota bishaanii jallisii fi garee filatamanii barsiisuu
- Sirna piroposaalaa irratti Aanaalee fi gandoota filatamanii ibsa kennuu,
- Dokumentii piroposaala qophaa'e guutuu godhuu fi ogeessota Godinaatii kennuu

1.3. Qophii Walgahii sadarkaa naannoo

1.3.1. Hirmaattota

- Qindeessaa: Ogeessota Feederaalaa fi Biiroo Qonnaa
- **Haala mijeessaa:** Gorsaa Naannoo
- Hirmaattota

Naannoo: Itti Aanaa (Itti gaafatamaa Misooma midhaanii fi omishaa), Itti Gaafatamaa karoora, Daayirektoreetii Misooma Midhaanii, fi daayirektoreetii kuduraa fi muduraa fi ekisteenshinii

Godina: Hoogganaa qonnaa fi Itti aanaa, Abbaa Adeemsa Misooma midhaanii fi Kuduraa fi muduraa fi ekisteenshinii)

Woreda: Sadarkaa Aanaa: Hoogganaa Qonnaa, gaggeessaa Adeemsa Misooma midhaanii fi duursaa garee kuduraa

fi muduraa fi ekisteenshiiii

Ganda irra: Duursaa garee Qonnaa/supparvaayizara

- Guyyaa turmaataa
- Guyyaa tokko (1)

1.3.2. Iddoo Walgahii

Iddoon konfiransii dhaaf falatame galma walgahii mootummaa

Gabatee 2. Sagantaa Walgahii Baniinsaa seensa sirna piroposaalaa

| Sa'aatii | Mata duree marii |
|---------------|--|
| 2:00 - 2:30 | Galmee |
| 2:30 - 2:40 | Haasawa бага nagaan dhuftanii |
| 2:40 - 2:50 | kaayyoo Walgahii |
| 2:50 - 3:00 | Hirmaattoota wal barsiisuu |
| 3:00 - 4:40 | haala pirojektii Ethio-SHEP irratti ibsa <ul style="list-style-type: none">• Concept of Ethio-SHEP Approach, implementation structure, modality, etc=Yaada rimee tooftaa Ethio-SHEP, caaseffama raawwii, modaality, kkf• seensa raawwii hojii Ethio-SHEP Aanaalee kanaan duraa keessatti maal akka fakkaatu |
| 3:40 - 4:00 | Gahee fi itti gaafatamummaan tokko tokkoo qooda fudhataa |
| 4:00 - 4:30 | Boqannaa Shaayii |
| 4:30 - 5:00 | Pirojektii Aanaalee kanaa duraa irraa muuxannoo argame |
| 11:00 - 11:30 | - Seensa sirna piroposaalichaa - Kaayyoo piroposaalichaa - Uunkaa piroposaalaa fi Gaaffii fi deebii - Ulaagaa filannaa garee xiyyeeffannaa irratti ibsa |
| 5:30 - 6:00 | Gaaffii fi deebii |
| 6:30 - 7:30 | Laaqana |
| 7:30 - 9:30 | - Tokko tokkoo garee Aanaa piroposaala qopheessa - Piroposaalli qophaa'e ni gala (yoo xumuurame) |
| 9:00 - 9:30 | Boqannaa shaayii |
| 9:30 - 10:00 | - Piroposaala gareewwan/kaadhimamtootni dhiyeessan sadarkeessuu(qindeessaa) |

1.4. Haala qophii Walgahii

- Sagantaa Walgahii qopheessuu (gabatee 2)
- Aanaalee filatamaniif meeshaalee leenjii fi uunkaalee piroposaalaa qopheessuu (duub-duubaa 1.1 iilaalaa)

1.5. Haala Walgahiin itti gaggeeffamu

- Haala waliigalaa fi tooftaa /adeemsa Ethio-SHEP irratti ibsa kennuu
- Piroposaala haala filannaa Aanaalee irratti ibsa kennuu
- Uunkaa piroposaalaa aanaaleen guutaman irratti ibsa kennuu
- Guyyaa dhumaa Piroposaalli itti galfamu murteessuu/ibsuu.(guyyaan dhumaa wal fakkaataa erga Walgahiin gaggeeffamee hanga torban tokkoo keessatti ta'a)

Odeeffannoo dabalataa raawwiif: Walgahiin baniinsaa maaliif baay'ee barbaachisaa ta'ee?

Walgahiin baniinsaa kan barbaachiseef waa'ee sagantichaa qaama raawwatu ibsuu fi qooda fudhattoota jiddutti hubannoo wal fakkaatu akka jiraatu gochuufi dha. (Gahee fi itti gaafatamummaan qooda fudhattoota beeksisuu)

1.6. Hojii fuula duraaf

- Ogeessotni Aanaa uunkaa piroposaala guutanii duursota garee Misooma midhaanii (kuduraa fi muduraa) Godinaatii galchuu
- Hirmaattotni guyyaa Walgahii sa'aa booda uunkaa piroposaalaa guutuuf yeroo ni qabatu, garuu guyyaa wal-gahii booda hanga torban 1 keessatti sirreessuun ni danda'ama.
- Duursaan garee Misooma Midhaanii (kuduraa fi muduraa) Godinaa dokumentii piroposaalaa dhiyaate footokooppii kaasuun daayirektoreetii misooma midhaanii/kuduraa fi muduraa naannaatii ni galcha
- Piroposaali orjinaalli sadarkaa Godinaa fi aanaa irra taa'a.

1.7. Suuraalee



Walgahii Baniinsaa Naannoo, Godinaalee, Aanaalee fi Gandootaa



Ogeessotni Aanaalee uunkaa piroposaalaa yoo guutan

1.8. Saamuda Uunkaa

Fakkii 5. Saamuda uunkaa piroposaalaa

Piroposaala Ethio-SHEP Aanaalee filatamanii

Maqaa Godinaa-----

Maqaa Aanaa-----

Pirojektii Qonna Gabaa Bu'uureffate Beeksisuun Qonnaan Buloota Qabiyyee xixiqqaa Kuduraa fi Fuduraa omishan aangessuu/ga'eessuu'-(Ethio-SHEP)

PIROPOSAALA FILANNA AANAALAA 'ETHIO-SHEP' KEESSATTI RAAWWATAMU

Piroposaaliin Aanaalee 'Ethio-SHEP' keessatti raawwachuuf ittiin filatamu yommuu qophaa'u dhimmootni ilaalcha keessa galuu qaban: Si'oomina/kaka'umsa jiru, qabeenyi jiraachuu fi itti fayyadama qabeenyaa, haala iddoo pirojektii fi hawaas-dinagdee ilaalcha keessa galchuu dha. Odeeffannoo Aanaa keessanii uunkaa kennameen iddoo duwwaan sirrii ta'e keessatti guutanii akka kennitan ni gaafataman.

Odeeffannoo duub-duubee

- i) Maqaa Godinaa
- ii) Maqaa Aanaa
- Maqaa gandaa/jallisii piroposaalaan dhiyaate
- iii) Fageenya jiddugala Aanaa irraa(km)
- Bal'ina Aanichaa (km²)
- iv) Maqaa bulchiinsaa
- Baay'ina gandaa
- Baay'ina hojjattoota ekisteenshinii
- v) Baay'ina ogeessota Kuduraa fi muduraa
- Sadarkaa Aanaatti
- Sadarkaa Gandaatti

I. Si'oominaa fi qabeenya jiru

1. Aanaa keessan keessatti Tooftaa Ethio-SHEP hojii irra oolchuu ni barbaadduu?

Eeyyee Lakki

Mee dhimmoota sagantaan kun milkaa'ina fi hin milkoofna godhan barreessaa.

Haala mijataa akka milkaa'u godhan

Haalota gufuu ta'uu danda'an

2. Aanaa keessaankeessatti tooftaan Ethio-SHEP yoo hojii irra oole hangam milkaa'a jettanii amantanii?

_____ %

2. Tarkaanfii jalqaba duraa 2. Anaalee filachuu

| Qophii | Gochaalee |
|-----------------------------------|--|
| Tarkaanfii jalqaba duraa 1 | Walgahii baniinsaa fi seensa sirna piroposaalaa |
| Tarkaanfii jalqaba duraa 2 | Filannaa Anaalee pirojektichi keessatti gaggeeffamu |
| Tarkaanfii jalqaba duraa 3 | Walgahii Leenjii leejistootaa SHEP |
| Tarkaanfii jalqaba duraa 4 | Filannaa garee qonnaan bultoota xiyyeeffannaa |

Asi jirra.

2.1. Seensa

Aanaaleen ulaagaa piroposaalaa fi daawwannaa dirreetin ni filataman. Anaalee sagantaa ‘Ethio-SHEP’ keessatti hirmaachuuf fedhii qaban piroposaala ni qopheeffatan. Koreen filannaa hojjattoota bakka bu’oota Naannoo fi Godina piroposaalichaa haala ulaagaa taa’etiin xiinxalaniin ni filan. Adeemsi kun karaan filannaa ittii gaggeeffame haqa qabeessaa fi iftoominaan ta’uu ni mirkaneessa.

2.2. Kaayyoo

Piroposaalaa fi daawwannaa dirree akkasumas tokko tokkoon piroposaala Anaalee pirojektichi keessatti bu’a qabxii anaalee kaadhimaman argatan irraa dhiyaate bu’ureeffachuun anaalee filachuu.

2.3. Qophii Walgahii koree Anaalee pirojektichaa filachuu

2.3.1. Hirmaattota

- Qindeessitoota: Daayrektoreetii Kuduraa fi Muduraa (Misooma midhaanii) Naannoo, Garee Kuduraa fi muduraa (Misooma Midhaanii) Naannoo fi Godinaa waliin
- Haala mijeessaa: Garee Kuduraa fi Muduraa (Misooma midhaanii fi Ekisteenishinii) Godinaa
- Hirmaattota: Qaama dhimmi ilaallatu Feederaala, Naannoo, Godinaa fi Waajjira Qonnaa Aanaa

2.3.2. Yeroo Turmaataa

Guyyaa tokko

Gabatee 3. Samuuda Sagantaa Walgahii Koree Anaalee pirojektichaa filachuu

| Sa’aa | Gocha |
|---------------|---|
| 13:00 - 13:30 | Seensa sagantaa Haasawa baniinsaa ofiisara Godinaatiin |
| 13:30 - 14:15 | Piroposaalaa fi ulaagaa filannoo dhiyeessuu Tooftaa kenna qabxii irratti ibsa kennuu Gaaffii fi deebii taasisuu |
| 14:15 - 14:30 | Bu’aa qabxii/sadarkaa dhiyeessuu |
| 14:30 - 16:00 | Filannoo anaalee pirojektichaa irratti mari’achuu |
| 16:00 - 16:30 | Gara fuula duraa (Godinni anaalee pirojektichaaf xalayaa ni kenna) Sagantaa cufiinsaa |

2.3.3. Iddoo walgahii

Iddoon walgahiif yaadame kutaa/galma waajjira Qonnaa Godinaa ta’a

2.4. Qophii walgahii koree Anaalee pirojektichaa keessatti rawwatu filachuu

- Ogeessotni Aanaa piroposaala Godinaa galchuu
- Sagantaa walgahii Qopheessuu (Gabatee 3 ilaalaa)
- Meeshaalee walgahiif barbaachisan qopheessuu (dabalata 1.1.3 ilaalaa)

- Ulaagaa qophaa'e irratti hundaa'uun piroposaalaa qabxii kennuu fi xiinxaluu
- Daawwannaa dirreetiif, waraqaa qorannoo dirree qopheessuu (Gabatee 4 (dabalata 1.2.1 ilaalaa))

2.5. Haala Qophii walgahii Koree Aanaa pirojektii filachuu

- Hojjattootni Naannoo fi Godinnaa Aanaalee pirojektii qabxii piroposaalaatiin ni sadarkeessu
- Qabxii Piroposaal kenname jiddugaleessa godhachuun, daawwannaa dirree fi sochii qonnaan bulaa gaggeessuun mirkaneessuu.

Dabalataa Raawwii: Daawwannaan dirree maaliif gaggeeffamaa?

Daawwannaa dirree kan gaggeeffamuuf iddoo raawwii sirrii ta'e filachuu fi gareen dogongoraa fi loogummaa akka hin uumne gargaara

2.6. Way Forward/Hojii fuula duraa

- Qabxii piroposaalaa fi qabatama daawwannaa dirree jiddugaleessa godhachuun, koree iddoo filatu waliin Aanaalee irratti xiyyeeffatamu irratti marii taasisaa
- Godinni xalayaa filatumuu mirkaneessuu aanaaleef ni erga

Gabatee 4. Saamuda Cheek listii adda baafannaa iddoo

| Akaakuu Hojii | Aanaalee | | | |
|---|----------|---------|---------|---------|
| | Ganda 1 | Ganda 2 | Ganda 3 | Ganda 4 |
| Maqaa Gandaa | | | | |
| Maqaa /bakka addaa | | | | |
| Uwwisa/bal'ina iddoo | | | | |
| Ol ka'iinsa iddoo Galaana irraa | | | | |
| Baay'ina fayyadamtootaa (Abbaa Warraa) | | | | |
| Waldaan Itti fayyadamtoota Bishaanii jiraachuu | | | | |
| Fageenya Aanaa irraa | | | | |
| Dhiyeenya daandii Bona-gannaa | | | | |
| Bu'uuraalee Jallisii | | | | |
| Waqxiilee adda addaa keessa haala bishaanii | | | | |
| Waqxii Jallisii (Ji'aa) | | | | |
| Muuxannoo omisha kuduraa fi muduraa irratti | | | | |
| Gosa kuduraa fi muduraa gurguddoo omishamu | | | | |
| Dhiyeessii galtee qonnaa (Madda wajjin) | | | | |
| Gabaa xiyyeeffannaa (fageenya waliin) | | | | |
| Iddoo leenjii (carraa gaarii jiru) | | | | |
| Madda galii qonnaan bulootaa isa ol'aanaa | | | | |
| Rakkoo cimaa omisha kuduraa fi muduraa fi gabaa | | | | |
| Odeeffannoo biroo | | | | |

2.7. Suuraalee



Koreen filannaa Piroposaala qophaa'ee yoo qabxii kennu



Haala piroposaalaatiin koreen filannaa/adda baasu xiinxala dirree yeroo taasisu

3. Tarkaanfii jalqaba duraa 3: Walgahii Leenjii leenjistoota SHEP (ToT)

| Qophii | Hojiilee |
|-----------------------------------|---|
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 1 | Walgahii baniinsaa fi Seensa sirna piroposaalaa |
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 2 | Aanaalee filachuu |
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 3 | Walgahii Leenjii Leenjistoota SHEP |
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 4 | Qonnaan bultoota xiyyeeffannaa filachuu |

| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
|--|--|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa gaddisuu | - Ka’umsa qu’annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu’annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggeessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarame kennuu - Waa’ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |

Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu’annoo dhumaa dabalatee)

Asi jirra.

Leenjii leenjistoota SHEP

‘Ethio-SHEP’ gochoota armaan gadii haammata

3.1. Seensa

Kaayyoon leenjii leenjistoota ‘SHEP’ tokkoo tokkoo walgahii leenjii tooftaa “Ethio-SHEP” hojjattootaa Misoomaa qabatamaan raawwattoota ta’aniif ogeessota kuduraa fi muduraa fi Koorniyaa dabalatee leenjii kennuu dha. Ogeessotni kuduraa fi muduraa Aanaa booda hojjattoota misoomaatiif deeggarsa ni kennan jedhamee eegama.

Leenjiin hubannoo dhimma Koorniyaa qonnaan bultoota keessatti hubannoo koorniyaa guddisuuf baay’ee barbaachisaa dha. Tooftaan “Ethio-SHEP” tooftaa hunda galeessa waan ta’eef osoo dhimma Koorniyaa hin idileessiin jijjiiramni ‘Ethio-SHEP’ milkaa’uu hin danda’u jedhee hubata.

3.2. Kaayyoowwan

- Ogeessotni Naannoo, Godinaa, Aanaa fi hojjattootni misoomaa kaayyoo, yaadaa fi yaada rimee fi hojiilee tooftaa “Ethio-SHEP” akka hubatan gochuu dha
- Meeshaalee dhimma Koorniyaa itti fayyadamuun leenjii Koorniyaa fi raawwii Koorniyaa ‘Ethio-SHEP’ hubachiisuu
- Ogeessotni Naannoo, Godina, Aanaa fi hojjattootni misoomaa raawwii tooftaa Ethio-SHEP keessatti gahee fi itti gaafatamummaa isaanii akka hubatan gochuu

3.3. Qophii leenjii

3.3.1. Hirmaattota

- **Qindeessaa:** Waajjira Mootummaa Naannoo fi Godinaa (Ogeessa Kuduraa fi Muduraa, Ekisteenshinii fi Koorniyaa)
- Bakka hirmaattotni irraa dhufan:
 - Naannoo:** Abbaa Adeemsa Kuduraa fi Muduraa fi ekisteenshinii, Ogeessa Kuduraa fi Muduraa fi Ekisteenshinii
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarama kennuu - Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Asi jirra.

9.1. Seensa

Pirojektiiin Ethio-SHEP dhimma koorniyaa irratti kuduraa fi muduraa akka madda diinagdee fi misoomatti amanee qonnaan bulaa dhuunfaa irratti hojjataa jira. . akka qaama hojii misoomaa Dhimmi koorniyaa dhaabbata “Ethio-Shep” keessatti kessuma misoomni kuduraa fi muduraa madda galii uumuuf dagaagsuu keessatti baay'ee murteessaadha. Wayita tajaajilli dhaabbaticha hojiirra oolutti dhimmi wal qixxummaa koorniyaa xiyyeeffannoo yoo hinarganne, qaamoleen hojii qonnaa raawwatan adeemsa murtii murteessuu isaanii keessatti waliigaluu dhabuu danda'u ykn gareewwan keessaa tokko rakkoo hamma irra gahuu danda'a akkasumas hojiiwwan oomisha ooyiruu qonnaa yeroo dheeraa fudhatan mudachuu danda'u. Tokkoo tokkoo dalagaalee keessatti dhimmi koorniyaa sirnaan yoo walqixxummaan abbaa warraa fi haatti warraa hojii oomisha qonnaa keessatti si'oominaan deeggarsaa fi tumsa barbaachisaa gochuudhaan hojii fi bulchiinsi oomisha qonnaa bu'a qabeessa akka ta'u gochuu danda'u. Jijjiiramni kun ammo maddi galii akka fooyya'u taasisa.

9.2. Kaayyoo

- Waa'ee garaagarummaa 'koorniyaa fi "saalaa" adda baasuudhaan hubachuu
- Ga'ee fi itti gaafatamummaawwan dubartoonii fi dhiironni abbaa warraa/maatii tokko keessatti qaban sirriitti adda baasuudhaan hubachuu.
- Ga'ee fi itti gaafatamuma dubartii fi dhiiri abbaa warraa/maatii tokko keessatti qaban sirriitti adda baasuudhaan hubachuu fi yerroo ga'ee fi itti gaafatamummaa kanneen raawwachuudhaaf hojii irra oolchan.
- Abbaa warraa/maatii tokko keessatti eenyu akka qabeenya to'atu fi itti fayyadamu adda baasuu.
- Akkaataa abbaa warraa/maatii tokko keessatti hojii dubartoota irratti baay'atu hir'isuun danda'amu ilaalchisee karoora baasuu.

9.3. Leenjiiidhaaf haala mijeessuu

9.3.1. Hirmaattoota

- Qindeessaa: Hojjettoonni misooma hundaa ogeessota kuduraa fi muduraa aanaa waliin ta'uun akkasumas ogeessota koorniyaa Godinaa fi aanaa waliin ta'uun qindeessu
- Qopheessitoota (Host): Miseensa garee qonnaan bulootaa xiyyeeffannoo (keessumaa haadha warraa fi abbaa warraa waliin)

9.3.2. Yeroo turtii

Walakkaa guyyaa

| Sa'aa | Hojiilee |
|-------------|---|
| 3:00 - 3:30 | Seensa: waa'ee koorniyaa fi saalaa hubachuu |
| 3:30 - 4:15 | Tooftaa 1: Gahee fi itti gaafatamummaa |
| 4:15 - 5:00 | Tooftaa 2: kalaanadarii hojiiwwan guyyaa guyyaan hojjatamanii |
| 5:00 - 5:45 | Tooftaa 3: qabeenyawwan harkaan gahachuu fi to'achuu |
| 5:45 - 6:30 | Tooftaa 4: karoora misooma koorniyaa qopheessuu |
| 6:30 - 6:40 | Marii/waan barataan irra deebi'anii dhiyeessuu |

9.3.3. Bakka leenjii

Bakki marii naannoo mana garee qotee bulaa xiyyeffannoo keessa jiraniitti ta'ee gaaddisa mukaa jalatti, mana barumsaa, waajira gandaa fi wiirtuu leenjii qonnaan bulaa keessatti ta'uu danda'a.

9.4. Saamuda tilmaama baajataa

9.4.1. Saamuda baajataa Hordoffii yeroo yeroof

| Qoqqooddi baajataa | Baayina guyyaa | Baayina Hirmaattoota |
|--|----------------|----------------------|
| Durgoo ogeessa Godinaa fi aanaaf | 1 | TBD** |
| Gatii geejjibaa fi Boba'aa | 1 | TBD** |
| Nyaataa fi dhugatii sasalphaa (refreshment) | 1 | 45 |
| Meeshaalee leenjii (meeshaalee koorniyaa xiinxaluu, Filiip Chaartii, markeerii) Paackeetii tokko | - | - |
| Barruu yaadannoo fi qalama | 1 | 45 |

*Kanneen armaan oliitti agarsiifaman fakkii akka yaadaatti mul'atanidha. Kanaaf wayita qabatamaadhaaf agarsiifaman sirreeffamuu qabu.

** TBD: To Be Decided (Yeroo booda murtaa'a)

9.5. Haala workishooppiin ittiin qophaa'uu qabu

- Cheeklistii leenjii koorniyaaf ta'u qopheessuu (Hojiilee qoqqooduu/Sagantaa baasuu)
- Leenjii koorniyaa irratti qotee bultoonni dhiiraa fi dhalaan hundi xiyyeffannoon akka hirmaatan hubachuu qabna.
- Dhiironnii fi dubartoonni waliin leenjicha irratti kan hirmaatan ta'uu isaanii mirkaneessuu.
- Miseensota garee waliin wal qunnamuudhaan guyyaa fi sa'aatii leenjiif mijataa ta'e karoofachuu.
- Manuwaalota leenjii koorniyaa, waraqaa filiip chaartii, sarartoo fi maarkeroota qopheeffachuu.

9.6. Akkaataa itti woorkishoppiin gaggeeffamuu qabaa

Leenjiin kun manuwaalota/dookumentii qajeelfama leenjii hordofuudhaan kennamuu qabaata. (Manuwaalii leenjii koorniyaa 2.9.3 ilaalaa)

Gulantaa 1: Jalqaba marii irratti garaagarummaa saalaa fi koorniyaa hirmaattota garee gaafachuudhaan akka irratti mari'atan taasisaa.

*Marii kana caalaatti gabbisuudhaaf ogeessi koorniyaa miseensonni garee dhimmoota koorniyaa hawaasa isaanii keessatti bal'inaan beekaman akka tarreessan gochuudhaan irratti mariisisuu ni danda'a. Haala mijeessaan dubartoota irraa yaada fudhachuu isaa mirkaneeffadhaa.

- Waa'ee garaagarummaa saalaa fi koorniyaa irratti erga mari'atani booda, haala mijeessaan gara gulantaa lammaffaatti darba.

Gulantaa 2: ga'ee fi itti gaafatamummaa miseensotamaatii, tooftaa xiinxalaa Lakk. 1 fayyadamuu.

Gulantaa 3: tooftaa lakkoofsa 2 fayyadamuudhaan Ga'ee fi itti gaafatamummaa dhiironnii fi dubartoonni maatii tokko keessatti qabaniif yerroo isaan kana raawwachuudhaaf hojii irra oolchan xiinxaluu.

Gulantaa 4: Maatii tokko keessatti eenyu qabeenya akka to'atuu fi bulchu adda baasuudhaaf tooftaa xiinxalaa Lakk. 3


fayyadamuu.

Dhuma leenjii kanaa irratti tokkoo tokkoon abbaa warraa karoora koorniyaa ni baafatu. Kaayyoon karoora kanaa akkaataa itti ba'aa hojii maatii tokko keessatti dubartoota irratti heddumatu hir'isuun danda'amuu fi miseensonni maatii wal tumsuu danda'an irratti hojjachuudha.


Qajeelfamoota raawwii: qonnaan bulttoonni tokko tokko dhimmoota koorniyaa irratti hubannoo hin qaban.

Qonnaan bultoota tokoo tokko dhimmoota koorniyaa isaan yaadessan qabaachuu fi qabaachuu dhabuu isaanii wayita gaafatu hawaasa isaanii keessa dhimmi/rakkoon koorniyaa akka hin jirre dubbatu. Kaayyoon leenjii kanaas rakkoowwan koorniyaa hawaasa isaanii keessa jiru sirriitti adda baafamanii akka beekamanii fi akkaataa itti rakkoowwan kunneen to'achuu danda'an ilaalchisee hubannaa isaanii gabbisuudha.


9.7. Samuuda boca maanuwaalii Leenjii Koorniyaa




Maanuwaalii Leenjii Afaan Amaraa



Maanuwaali leenjii Afaan Oromoo



Xinxxaala Koorniyaa Afaan Amaara meshaa 3ffaa



Seensa leenjii koorniyaa Afaan oromoo

9.8. Suuraa



Leenjii leenjiistootaa koorniyaa ogeyii anaatiin kennamea jiru



Leenjii koorniyaa Hojjetaa/ogeeyyii anaatiin qotee bultootaaf kenname, Oromiyaa.



Leenjii Ogeeyyii koorniyaatiin qotee bultootaaf kennamee aanaa Jaabii Amaaraa.



Leenjii ogeeyyii anaatiin qotee bultootaaf kennamee, kibba Acheefer, Amaaraa.

Koolamaanii 1. seenaa Abbaa waarraa Qonnan bulaa

Timaatimni kiyyaa gabaaf dhiyaachuuf waan gaheef guyyaa tokko ganama manaa bahee gabaa Timaatimaa qo'achuuf gara gabaa deeme. Yoommu ani gabaa keessaa deemee gabaa qo'adhuu, bittuun /daldalaan mana kiyya dhaqee haati mana tiyyaa Timaatimii akka itti gurgurtu gaafate. Jalqabummarra qabeenya irratti murteessaa aangoo waan hin qabnee fi karoora kiyyas waan hin beekneef eyyamamaa hin taneef.

Qo'annon gabaa ani gaggeesses naaf hin milkoofinne. Sana booda gara manaa deebi'ee waan taatee guyyaa ta'e hadha mana tiyyaf ibse. Timaatimii kiyyaaf gaba waanan dhabeef na jala waan badaa jiruf bayyeen gaddee.

Qonnan bulaa gaafadhu?

- ✓ Haala akkanaa kana dura beekta?
- ✓ Rakkon kun maaliif akka uumame beekta?
- ✓ Rakkoon akkanaa kun yoo uumame akkamitti akka furamu beekta?



Koolamaanii 2. Seenaa Hadha warraa qonnaan bulaa

Abbaa warraa kiyyaa kana naaf ibse, Shunkurtiin bu'aa waan qabuuf, lafa qabnu hunda shunkurtii yaa dhabnu naan jedhee tole jedhe, garuu nan mormee, lafa qabnu hunda miti muraasa dhabu qabnan jedheen. sababiin isaas qonnaan bulaan baay'een shunkurtii dhaabuu akka barbaadan dhagayeen turee. kanaafuu yeroo shunkurtin gahuu gatiin isaa akka gadi bu'uu danda'uun dhagaye. Abbaan warraa kiyyaa na dhagayuu hin dandeenye, waan an jedhe didee shunkurtii lafa qabnuu hundaa dhaabe, dhuma irratti kisaaraa guddaa keessa galle, muuxannoo kanaan booda abbaan warraa kiyya yeroo facaasaan gahee miidhaan akkamii akka facaafinnu na gaafachuu egalee.



Qonnaan bulaa gaafadhu

- ✓ Haalichaa akkanaa kana kanaan duraa beekta?
- ✓ Rakkoon kun maaliif akka uumamee beekta?
- ✓ Rakkoon akkanaa kun yoo uumame akkamitti akka hiikkatuu beekta?



Qabxii Xiyyeffannoo (Tips):

Yeroo hedduu dubaartootni leenjii koorniyaa kennamu irratti hirmaannaa ho'aa hin godhan, yaada isaanii sirnaan hin ibsatan akkasumas muuxannoo isaanii hirmaattotaaf hin qoodan. Waan kana ta'eef, yeroo leenjii yookiin mariin koorniyaa kennamu hirmaannaa dubartoota dhugomsuun akka isaan dhimma koorniyaa irratti yaada isaanii ibsaniif fi hubannoo isaan yaad-rimee "koorniyaa" fi "Saala" irratti qaban daran gab-bisuudhaan rakkoolee koorniyaa wajjin walqabatee jiru karaa itti fuufinsa qabuun sardarkaa maatii fi hawaasaatti akka hir'ataa deemu gochuun barbaachisa dha.

Sagalee maasii qonnaan bulaa irraa

Haadha warraaf abbaa warraa akka bulchiinsa qotinsaatti

"Haadha warraakoo fi anii shaakallii koorniyaa irratti hirmaaneerra, Dhiriif dubartiin mirga wal qixxee akka qaban hubannerra., **Qarshii to'achuu ykn bulchuu kessatiis.**

Shaakallii kanaan duraa, bulchiinsa qonnaa kophaa koon hoogganaa ture. Hatii warraa koo qarshii homaa haarkaan hin tuqxuu ture. Bibila mobaayilaa illee hin qabdu. Kanaafuu, yeroo tokko tokko, galgalessee yemmuun galu, hojetoonii qotinsa Kenya hojetan kafaltidhaaf ana eguu qabuu ture.

Amma garuu ani yoon jiraachuu baadhes, haatii warraa koo kafaltii hojetoata kanffaluu ni ni dandeessi, ani hin jiru tanaan. Bilbila mobayilii ni qabdii, namnii bituu bakka anii hin jirretti yoo dhufee, isheen ana faana dubattee omisha kenya gurguruuf warra bituuf dhufe waliin waliin galtii. Akkaawuntii baankii fi qarshii qusattu kan ofii ishee qabdi.

Wallitii dhufenyii giduu Kenya jiruus garii dha."



Obbo. Abbittii Haajii Wesena (Qotee bulaa Ganda Shaya, Aanaa Lode Hexosa, Godina Arsii, Naanoo Oromiyaa)

Leenjii Gareewwan Xiyyeeffannaa Qonnaan Bulaa

10. Tarkaanfii 10: Qonnaan bulaa qonnaa bulaa irraa akka baratee kaka'umsaa horatu sagantaa dawwaannaa wal jijjiirraa qopheessuu

| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
|--|---|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka'umsa qu'annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu'annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarama kennuu - Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Asi jirra.

10.1. Seensaa.

Dawwaannan muxannoo waljijjiirraayaada bu'uuraa kan akka teekinika qonnaa, beekumsaa, muuxannoo gaarii, sammuu ykn ilaalicha jijjiiruu fi hirmaannaa qonna kuduraa fi muduraa sadarkaa maatii karaa salphaa ta'een beekumsaa fi teekinika dawwaannaa irratti ni argatu.

10.2. Kaayyoo

- ✓ Qotee bulaa foyyee qabu irraa hojii qonnaa haaraa fi muxannoo irraa barachuu.
- ✓ Rakkoo yeroo ammaa qonnaan bulaa qunnamaa jiru haala qonnaan bulaan garee xiyyeeffannaa injifatee bira darbe irra barachuu.
- ✓ Sammuu qonnaan bulaa jijjiiruu.

10.3. Muxannoo wal- jijjiirraf haala mijeessu

10.3.1. Hirmaattoota

Qindeessaa/Haala mijeessaa: Naannoo xiyyeeffaanaa Godinaa fi Ogeessaa Aanaa, Naannoo keessummeessu, Godinaa fi Ogeessaa misooma midhanii, kuduraa fi muduraa garee ekisteenshiin. Suparvaayizaara Ogeessaa ol'anna Naannoo.

Naannoo irraa: ogeessaa lama

Godina irraa: Ogeessaa tokko

Ogeessaa Aanaa: Aanaa irraa nama tokko tokko

Ogeessaa Gandaa: hojjataa misoomaa sadii hanga afur ganda irraa.

Qotee bulaa: bakka bu'aa qotee bulaa jahaa (6) garee xiyyeeffaana irraa (korniyaan walqixa ni filatama)

Hubachiisaa: Yoo bay'ate waliigala hirmaatoonni 50 ta'u qaba. baajata fi hamma konkolaataa baachuu danda'u irratti hunda'uu danda'a.

10.3.2. Yeroo Turmata

Guyyaa sadii hanga shanii (3-5)

10.3.3. Iddoo Leenjii

Iddoon filatamunaannoo jiraatan ta'e iddoo muxannoon qonnaan bulaa xiyyeeffannaa irra foyyee qabu irratti ta'u qaba.

Gabatee 17. Sammuda saganta Godina Arsii irra walitti qabame

| Guyyaa | Saa'aa | Hojiilee | Hamma qabachuu qabu |
|---------------|---------------|--|---------------------|
| Muddee 16ffa | Naannoo 2:00 | Qotee bula xiyyeeffana Maqii gahee | Maqii |
| Muddee 17ffaa | 3:00 - 5:30 | Qotee bulaan Aanaa Dugdaa Ganda Teepo Choor-kee Timaatimii ni dawwatu | Maqii |
| | 5:30 - 6:30 | Aanaa A/Tullu Ganda Edogojola deemuun iddoo raafuu ni dawwatu. | |
| | 6:30 - 6:00 | Maqii deebi'uu | |
| | 7:00 - 8:30 | Laqaanaa | |
| | 8:30 - 10:30 | Qotee bulaan gara Aanaa Booraa Ganda Ellaa Iddoo shinkurtii dawwaachuu | |
| | 10:30 - 11:30 | Qotee bulaa xiyyeeffaanna wajjiin mari'achuu | |
| Muuddee 18ffa | 2:30 - 4:30 | Gara Adamaa deemuun gabaayaa adamaa qu'achuu | Gara mana galuu |
| | 4:30 - 6:00 | Gara Asallaa deebii'uu | |

10.4. Samuuda tilmaama baajataa

| Gosa Baajataa | Bayyinna Guyyaa | Bayyinna Nama |
|--|-----------------|---------------|
| Riifreeshmentii (Guyyaatti yeroo lama) | 3 | 51 |
| Durgoo Bakka bu'ootaa | 4 | 28 |
| Durgoo Hojjataa Misoomaa | 2 | 16 |
| Durgoo Aanaa | 2 | 6 |
| Durgoo Godinaa | 2 | 2 |
| Durgoo Naannoo | 2 | 2 |
| Kiraa konkoolata | 3 | 1 |
| Konkoolataa Naannootiif Bobba'aa | 3 | 1 |

Kan armaan olii kun Fakeenyaaf kanaafuu hojiilee qabatamaa keessa yoo galame haala qabatamaa Aanaalee irratti hundaa'uun sirreeffamoota tokko tokko taasisuun ni danda'ama

10.5. Waljijjirraan Muuxannoo Akkamitti akka tasifamu


10.5.1. Osoo muxannoo wal-hin jijjirin dura

- Tokkoffaa Kaayyo muxannoo wal-jijjirraa adda baasuu (Dhimma maal irratti akka mari'atamu). Fakkenyaaf Qotee bulaa Muxannoo bittaa waliigalaa yookaan gurgurtaa, to'annaa ilbiisaa fi dhibee karaa xiyyeeffannaa qabuun akka hubatan godhu.
- Iddoo dawwaannan gaggeeffamutti Qonnan bulaa foyyee qabuu barbaaduun qopheessuun akka sagantaan galma gahu godhuu.
- Sagantaa dawwaannatiif yeroo bayyee mijataa ta'e adda baasuu,
- Namootaa bakka bu'uf eraman fi WIFBJ wajiin mari'achuun qotee bula kaka'umsa argatee namoota filataman dhiiraa fi dubartii walqixa akka ta'an taasisuu.
- WIFBJ gahee isaa beeksisuu namootaa bakka bu'an gahee isaanii akka beekan akka armaan gadi kanatti ni ibsama
- ✓ Qotee bulaa bakka bu'aa duub-deebii qindeessuun WIFBJ keennuu,
- ✓ Qotee bultoonni bakka bu'an yoo xiqqatee waan ijoo sadii agarsiisaaf muldhiisuu qabu, (Midhaan bara baran wal-jala jijjiruu facaasuu, duulaan biqiltuu dhaabuu, dhibee fi ilbiisaa qindoominnan too'achuu, gabaayaa qonnaa) karaa hawasaaf mijata ta'een mijeessu. kun kan muldhiisu qotee bulaan bakka

bu'oonni lafa isaanii hojii omishanii muldhisuutiif kan qopheessaan ta'uu. (ibsaa dabalata 2.10.1)

- Osoo Muuxannoo wal-jijjirraa hin gaggeessin hojjataa misoomaa, ogeessi Aanaa Godinaa dawwaannaa muxannoo duraa foormaatii fayyadamuun gaggeessu qabu. Muuxannoo kanaan qotee bulaan akkamitti akka teekinka omishaa filatamaa ta'e meeshaa tokko malee akka filatu kan irra baratu ta'uu.

Fakkii 17. uunkaa shaakaala Dirree

| Qaama offii fayyadamuun safaruu | |
|---|----------------|
| Kutaalee qaamaa | Dheerinaa (sm) |
|  | |

10.6. Haalamuuxannoo wal-jijjiruu.

- Godinni, Aanaa fi Hojjataan misoomaa qotee bulaa akka yaadanno, suura, akka qabatan kakaasuu qabana.
- Guyyaa dhumaa irraatti walga'ii waliigalaa gaggeessun barbaachisaadha, yemmuu walga'iin gaggeeffamuu hirmaatoonni yaadaa kaasuu qabu.
 - ✓ Dawwaannaa muuxannoo wal-jijjirraa irra waan arganii fi waan baratan.
 - ✓ Waan gaariin dawwannaa irraa argatan walii qooduu.
 - ✓ Qonnaan bulaa xiyyeeffannaa dawwannaa irraa beekumsaa fi muuxannoo akkamii akka argatan
 - ✓ Garaa garummaan qotee bulaa kan- daawachiisee fi daawatani maal akka ta'e beekuu.

Dawwannaa booda akkamitti duub-deebiin kennamuu qaba,

- Qonnaan bulaan baka bu'aa guyyaa fi sa'aatii duub-deebiin kennamu mur-teessuu.
- Gabaasni bu'aa marii waliigalaa guyyaa guyyaan gaggeeffamaa turee qonnan bulaa bakka bu'aan ni dhiyaata
- Gabaasichi dhiyatu ifa kan ta'ee fi karaa salphaan miseensaaf galuu danda'uun dhiyachuu qaba.
- Qonnan bulaan bakka bu'aa fi hojjataan misomaa suura, yookaan vidiyyoo yeroo waljijjirraa muxannoo gaggeeffamuu fudhatan yemmuu gabaasa dhiyyeessan keessatti muldhisuu qabu.
- Beekumsa Haaraa argame akkamitti gara hojiitti jijjiiramee rakkoo hawwaasaa hiikuu danda'aa irraatti mari'achuu.

Raawwii dabalata: Waljijjirraan muxannoon Maaliif barbaachsee?
 Muxannoo wal-jijjirraa kun qotee bulaan sammuu isaa jijjiiree hojii qonnaa hojjatu kan gabaa irratti xiyyeeffatee akka omiishu taasisa.

10.7. Kallatti fuula dura

- Duub-deebii wal-ga'ii qindeenssuun miseensaa hawasatiif kenuu.
- Godina, Aanaa fi Hojjataan misoomaa karoora gochaa qotee bulaa irra dhaabbatani hordofuun beekumsaa fi muxannoo waan saganta irraa argataniis muldhiisaa deemuu qabuu.

10.8. Suuraa



Konkolaataa keessaatti kaayyoo sagantaa guyyaa guyyaa yommu walii qoodan



Qonnaan bulaa yemmuu omisha timaatimaa dabalata fi bu'a walif ibsan.



Erga dawwaannaa dirree gaggeessanii booda qonnan bulaan hojjataa misoomaatiin deeggaramee yemmuu unka guutan



Qonnaan bulaa yemmuu muxannoo irraa fudhachuu dhaqqan irraa muxannoo jalliisi irraatti mari'atan



Waa'ee omisha aanaan irratti walga'ii waliigalaa yemmuu gaggeessan



Qu'annoo gabaa Maagaalaa Adammaatti yemmuu gaggeeffamu.



Qabxii Xiyyeeffannoo (Tips):

Yeroo baay'ee dubartootni dawwaannaa muxannoo waljijjiiruu gaggeeffamu irratti hin hirmaatan. Sababa kanaaf, beekumsaa fi ogummaa walqixa argatanii hojii qonna idilee isaaniiratti qabatama gochuu hin dandeenye. Haaluma kanaan, hanga danda'me abbaan manaa fi haati manaa muuxannoo waljijjiiruu irratti walqixa hirmaatanii beekumsaa fi ogummaa dawwaannaa dirree irraa argatanii akka oyiruu/maasaa isaanii irratti qabatamaan akka raawwatan gochuu barbaachisa. Akka carraa ta'ee abbaa manaa fi haati manaa dirree irratti yoo waliin hin hirmaanne, abbaan dawwaannaa irratti hirmaate waan irraa hubatee fi barate kan deemee hin hirmaanneef qooduu qaba.

Sagalee maasii qonnaan bulaa irraa

Kan Nakakaase Dawwannaa Muxannoo Wal-jijjiiruu dha.

“Muuxannoo waljijjiirraan bay'ee na kakaasee jira.

Qotee bultoonni achitti hojatan haala rakisaa kessatti akka hojjatan hubadheera kan kenyaan yemuu madaalamu iddoon qonna isaanii kan kiraa ture, akkasumas meeshaa bishaan haarkisu (water pump) fayyadamuu qabu kan qarhsii boba'aa gaafatu. Nutii lafa dhuunfaa Kenya irrattii hojjanna, meeshaa bishaan haarkisu (water pump) hin barbaadnu, kanaafuu haalli Kenya baayyee mijataa dha. Haa ta'u malee, haala kanaan, baayyee cimani hojjatuu akkasumas hojimaanni maasii isaani gaarii dha. Ogummaa jijjiirraa midhaani fi walirraa fagegna biqilaa irraa baradheera isaas masii koo irratti hojjadheera.”



Obbo. Shurama A/Garo (Qotee bulaa Ganda Waro Kolobo, Aanaa Dedo, Jimma zone, Naanoo Oromia)

Anii waanta qulquliina qabu oomishuuf baasii gahaa baasuu danda'eera (hin sodadhu)

“Kanaan dura sanyii muduraaf kuduraa gabaa argamee kamiyyuu irraa bitanna ture, garuu dhaabii ykn omishtumaa gaarii hin qabnu ture. Kanaafuu, sanyii lakkofsaan baayee fi gatiin isaa ol ka'e bituuf shakkii qabna ture. Gattin sanyii muduraa fi kuduraa maaliif akka olka'aa ta'e na dhibaa ture.

Amma sababni isaa qulqulina akka ta'e hubadhera. Gara fulduraati sanyii qulqulina isaa fooya'aa ta'e fi kan saamsame ta'ee gareedhaan bitinna. Qulqulinna irrattii hojjachuuf ofiti amanamumaa horadheraa.”



Obboo Elkane Bogal (Qotee bulaa Aanaa Ankesha, Ganda Tulta yerroo muxannoo waljijjiruti.)

Leenjii Gareewwan Xiyyeeffannaa Qonnaan Bulaa

11. Tarkaanfii 11: Guyyaa Dawwaannaa dirree qindeessu

| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
|--|---|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka'umsa qu'annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu'annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggeessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarama kennuu - Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Asi jirra.

11.1. Seensa

Guyyan dawwaanna dirree qonnaan bulaan xiyyeeffannatiif caarraa karaa saganta jiddu-lixummaatiin miseensa bira wajjiin wa'ee waldaa itti fayyadama bishaanii ollaa isaanii wajjiin akka mar'atan taasisa.

11.2. Kaayyoo

- Bakka bu'aan qonnaan bulaa barumssaa karaa itti fufiinsa qabuun jiddu-lixummaan akka qoodu godhuu.
- Hirmaatoonniqonna gabaa irratti xiyyeeffatuun akkamitti akka hojjataamu ni hubatu.
- Mika'iinna guddinaa isaanii walii qooduun garee biraa keessaatti kaka'umsaa umuu.

11.3. Guyyaa dirree qindeessuu

11.3.1. Hirmaatota

Qindeessaa/Haala mijeesaa: Ogeessaa Aanaa, Hojjataa misoomaa fi Qonnan bula bakka bu'aa

Supervayizaar: Gorsaa teekinkaa Naannoo fi Ogeessaa Godinaa

Hirmaatootaa: Garee WWIFBJ, qotee bula ollaa fi Hojjataa misoomaa

11.3.2. Turmaataa

Guyyaa hundaa guyya walakka guyyaa dirree ta'ee waliigala guyyaa sadii guyyaa dirree rakkolee sadarkaa guddina midhaan garagaraa irratti mari'atamu irraatti hunda'ee ni barbaachiisaa

11.3.3. Iddoo Leenjii

Iddoon kan filatamu iddoo qotee bulootaa bakka bu'oota irraa ta'ee iddoon bayyen ilaalaamuu kan danda'u ta'uu qaba. Haata'u malee addaan fageenyi iddoo iddootti jiru ilaalichaa keessaa galuu qaba.

Gabatee 18. Sammuuda sagantaa

| Saa'aa | Hojiilee |
|-------------|--|
| 2:00 - 2:30 | Galmee |
| 2:30 - 2:45 | Bakka bu'oanni qotee bulootaa keessummeessanii ergaa бага nagayaan dhufanii |
| 2:45 - 3:00 | Seensaa fi sagantaa Guyyaa beeksiisuu |
| 3:00 - 3:50 | Dawwaannaa jalqabaa: Cunfaa Odeeffannoo qotee bulaa bakka bu'aa fi hojjataa misoomaa irraa ni dhiyaata, akkasmas milka'inna argamee fi barumsaa walirraa ni fudhatu. |

| Saa'aa | Hojiilee |
|-------------|---|
| 4:00 - 4:50 | Dawwaanaa 2ffaa |
| 4:50 - 5:30 | Hirmaatootaa wajjiin marii waligala waan baratan akkamitti akka hojjiira oclchan irraatti mari'achuu. |
| 5:30 - 6:30 | Laqaanaa/Ciree /filannoo / |

11.4. Samuudaa tilimaama baajataa

| Gosaa baajataa | Bayyinaa guyyaa | Baayyina namaa |
|---------------------------------------|-----------------|----------------|
| Rifreeshmentii (guyyaatti sa'aatii 1) | 1 | 40 |
| Durgoo Hojjataa Misoomaa | 1 | 8 |
| Durgoo Aanaa | 1 | 5 |
| Durgoo Godinaa | 1 | 2 |
| Durgoo Naannoo | 1 | 1 |
| Baasii Geejibaa Hojjataa misoomaatiif | 1 | 8 |
| Biskiletii Aanaa Bobba'a | 1 | 5 |
| Bobba'aa Konkoolataaf | 1 | 1 |
| Bobba'aa Konkoolataa Naannootiif | 1 | 1 |

Kan armaan olii kun Fakeenyaaf kanaafuu hojiilee qabatamaa keessa yoo galame haala qabatamaa Aanaalee irratti hundaa' uun sirreeffamoota tokko tokko taasisuun ni danda'ama

11.5. Akkaataa Guyaa daawwaanna dirree itti Qopha'amu

- Aanaa fi Hojjataan misoomaa iddoo dawwatamuu qabu filuu fi duran dursee iddoo dawwatamu sun ilaaluun mirkaneeffachuu.
- Osoo guyyaa daawwaanaa hin gahin dura Aanaa fi Hojjataan misoomaa waan kanaan duraa baratan yaadachuu fi jijjirama inni qotee bulaa bakka bu'a irraatti fide ilaalu.
- Yoo xiqqaate torbaan lama dura miseensi garee guyya fi iddoo leenjii miseensaa biraa WIFBJ beeksisuu qabu.
- Maayikii harkaa Qopheessuu (yoo waajjira jiraate) fi baatirii qabachuus mirkaneeffachuu.
- Meeshaalee Waan kana beeksisan (banaarii, guyyaa saganta san beeksisaan, fakkii) Godinaa, Waajjira Qonnaa Aanaa fi Hojjataa misomaatiin qopheessuu.

11.6. Guyyaan dawwaanna dirree akkamitti gaggeeffama

- Guyyaa fi iddoo daawwaanaa hawaasaf beeksisuu. Iddoo mana Amantaa fi gabaayaattii maxxansuu.
- Danda'amaa yoo ta'e faddala/warraa jumlaa gurguruu guyya san affeeruun waa'ee fedhii fi gabaayaa mari'achuu.
- Aanaa fi Hojjataan misoomaa marii qonnaan bulaatiif haala mijeessuu irraatti xiyyeeffachuu. Akkasumas taatota ijoo miseensa garee ta'uu yaadachuu.

Raawwii daalata: Maaliif guyyaan dirree gaggeeffama?

Guyyaan dawwaanna diree /Muxaannoo waljijjiraa /Muxannoo gaarii qonnaa babaldhiisuuf kan gar-gaaruu fi sagantaa SHEP kana beeksisuudha.

11.7. Kallatti fuula duraa

- Dawwanna qonnaan bulaa Duukaa bu'uu
- Qonnaan bulaa wajjiin mari'achuu akkaataa inni waan dawwaanna irraa barate hojii irraa olchuuf.

11.8. Suuraa



Ogeessi yemmuu kayyoo fi sagantaa dawwaanna dirree ibsa kennu.



Qonnan bulaan iddoo garagaratti deemaanii dawwaannaa dirree gaggeessuu.



Qonnan bulaa akkamitti akka midhaan kununsuu fi gabaa barbaaduuf.



Qabxii Xiyyeeffannoo (Tips):

Akka muuxannoo irraa hubatamuutti, hirmaannaa dubartoota guyyaa ayyaana qotee bulaa irratti lakkoofsaan gadi aanaa fi hirmaannaa ho'aa gochuu irratti hanqina guddaatu mul'ata. Sababa kanaan, dubartootni beekumsaa fi ogummaa qonnaa barbaachisaa ta'an hin argatan. Haala kana hubachuun, hirmaannaa dubartoota mirkaneessuuf sagantaa ayyaana qonnaan bulaa karaa guutuu ta'een akka hirmaatanii fi marii ho'aa akka godhan dursanii xiyyeeffannoon karoorsuun barbaachisa dha.

Sagalee maasii qonnaan bulaa irraa

Raggaa ijja kootiin arge

“Guddina oyiruu raafuu maraa fi haala gariin to'atamuu isaatiin dinqisifadherraa. Kan omishaman gabaaf akka ta'e natii himamee ture. Garee koo kessaa, sodaa weerara aphid (kishkish) irraan kan ka'e raafuu maraa hin dhaabnu ture, Amma garuu aphid (kishkish) akkamitii akkaan to'adhu baradhera. Ani garee koof marsaa dhufuuf muxanoo agarsisa kana irraa arganne hojii irra olchuuf kak'umsa guddaa argadheeraa.”



Qotee bulaa Aanaa Awii kan agarsisa oyiruu irrattii hirmaate.

Boqonnaa 3: Hordoffii fi Gamaggama

1. Hordoffii yeroo yeroon

| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
|---|--|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka'umsa qu'annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu'annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarama kennuu - Waa'ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu'annoo dhumaa dabalatee) | |

Asi jirra.

1.1. Seensaa

Hordoffiin hojii yeroo yeroon taasisuun baay'ee barbaachiisaadha. Leenjii ogummaa kenname irraatti hundaa'uun sadarkaa raawwii hoji irraa jiru beekuuf waan nama gargaaruuf, akkasumas karoora gochaa Aanaa fi hojjataa misoomaa hundaan qophaa'een sadarkaa hubannoo qotee bulaa irraa gahee hubachuuf nama gargaara.

1.2. Kaayyoo

- Hojiileen Karoorfaman Akkaataa karoorfameen hojjetamuu isaa daawwachuu, Sadarkaa gandaatti rakkowan qotee bulaa mudatan adda baasuu (Fkn, Yeroo, qabeenyaa fi bu'aa oomishaa) akkasumas rakkoo mudataniif furmaata waaraa kennuuf
- Duub-deebii fi Gabaasaa yeroo hordoffii argatan qaama dhimmi ilaallatuuf kennuu

1.3. Hordoffii yeroo yeroo Qindeessuu

1.3.1. Hirmaattoota

- Qindeessitooni: Hoggantootaa fi Ogeessota aanaa, Bulchitoota gandaa fo Hojjetaa Misooma hundaa
- To'attooni/Supervayizaarri: Hoggantootaa fi ogeessotaa Federaala, Naannoo, fi Godinaalee
- Qopheessottonni (Host): Miseensaa Qonnan bulaa garee xiyyeeffaana.

1.3.2. Turmaata

- Garee xiyyeeffannaa tokkoof guyyaan tokko ga'aa dha.
- Hordoffii fi Gamaggamni yeroo yerootti raawwachuu qaba.
- Deddeebi'isi hordoffii taasifamuu qabu: - Sadarkaa Federaalaatti ji'a sadiitti al-tokko, sadarkaa Naannootti Ji'a lamatti al-tokko, Sadarkaa zoonitti Ji'atti al-tokko, sadarkaa Anaatti torbeetti al-tokko fi Sadarkaa gandaatti Hojjettonni misooma hundaa yeroo hundaa hordoffii fi deeggarsa taasisuu qabu.

1.3.3. Iddoo Hordoffiin itti Taasifamu

Ooyiruu qonnaan bulaa xiyyeeffannaa

1.4. Saamudaa tilmaama baajataa

| |
|---|
| Gosa Baajataa |
| Durgoo (Ogeessaa fi Konkolaachisaa Aanaa, Godinaa, Naannoo fi Federaalaaf)* |
| Kanfaltii Tekinoolojii Digitaalaa Hojjetaa Misooma Hundaaf (Communication fee)* |
| Kanfaltii Geejjibaa fi Boba'aaf* |

*Baayinni guyyaa, Baayinni hirmaattootaa fi Deddeebi'insi hordoffii akkaataa turtii 1.3.2 irratti hundaa'aa

1.5. Hordoffii yeroo yeroo akkamitti qopha'aa

- Federaalli, Naannoo fi Godinni akkaataa karoorri qabameen checklist qopheessuun sagantaa hordoffii mi-jeessuun aanaa beeksisuu.
- Aanaan deemsaa hordooffii yeroo fi baasii ilaalchaa keessa galchuun haala jiru miyeessuun Godina beeksisuu
- Aanaan cheekliistii qopheessee guyyaa fi iddoo qonnaan bula xiyyeeffaana waliin murteessuu.
- Hojata misomaa Qonnan bulaa xiyyeeffaanna wajjin ta'uun sagantaa dirree gaggeessuu.

1.6. Akkamitti Hordooffiin yeroo yeroo gaggeeffama

- Hooggansii fi Ogeessi Aanaa Hojjetaa misooma hundaa waliin ta'uun qotee bulaa xiyyeeffannoo daawwatuu, rakkoo isaan quunname adda baasu akkasumas deeggarsa ogummaa kennu
- Ogeessi aanaa fi hojjetaan misooma hundaa haala miyeessuu dhaan Federaalli, Naannoo fi Godinni garee qotee bulaa xiyyeeffannoo hojii isaanii daawwatu, rakkoo isaan quunname irratti ni mari'atu, kallattii fi yaada furmaataa ogeessa aanaa fi hojjetaa misooma hundaaf ni kennu
- Bu'aa hordoffii isaanii irratti hundaa'uun raawwii/bu'aa qabeessummaa qotee bulaa xiyyeeffannoo sadarkaa gandaatti ni gamaggamu
- Duub-duubee fi gabaasa daawwannaa maasaa fi gamaggama hojii isaanii qama sadarkaan jiru hundaaf ni dhiyeessu

Yaada xiyyeeffannoo: Maaliif Hordooffiin yeroo yeroo gaggeeffama.

Hordoffiin yeroo yeroo taasifamuu jijjiramaa fi sadarkaa hojiin irra jiruu, deeggarsaa teekinikaa qotee bulaa xiyyeeffanna fi hojjata misoomaatiif akka godhamuu nama gargaaraa.

1.7. Kallatti fuula dura

- Ogeessi Aanaa bu'awaan argamaan duukaa bu'uun xinxaalee karoora fi bu'aa bara darbee wajjiin wal-bira qabee ilaalee duub deebii isaa nannoo fi godinaaf qooda akkasumas hojjetaa misooma hundaa fi qotee bulaa xiyyeeffannoof duub- deebiidhaan ni beeksisaa.
- Hordoffii fi gamaggama irraa beekumsii/yaadni/hubannaan argame hojiilee SHEP gara ful-duraatti hojjiirra ooluu qaba

1.8. Suura



Sagalee maasii qonnaan bulaa irraa



Degarsi fi Hordofiin Ogeesaa Barbachisaa dha.

“Ogesoonni fi Hojjettoonni Misoomaa nu deggaru nu to'atu. Gidduu oyiruu koo irrattii dhufanii xaa'oo akkamiin fayadamuu akka qabu fi akkasumas akkamitti biqiltuu kununsuu akkan qabu gorsa naa kennu.”

Luba Birahane Wubet (Qotee bulaa Ganda Yechereqaa, Aanaa Dembecha, Godina Gojam lixaa, Naannoo Amaaraa.

2. Qu’annoo Marsaa dhumaa

| Tarkaanfii Arfan | Hojiilee |
|---|--|
| 1. Galmoota qotee bulaa waliin qooddachuu | - Marii hubannoo uumuu gaggeessuu |
| 2. Hubannaa qonnaan bulaa guddisuu | - Ka’umsa qu’annoo hirmaachisaa raawwachuu - Qu’annoo gabaa gaggeessuu |
| 3. Qonnan bulaan ofiin akka murteessu taasisuu | - Midhaan irratti xiyyeeffatamu filachuu - Gumii/Foramii walitti hidhaminsaa gabaa gaggessuu - Sagantaa Omishaa fi baajataa baasuu |
| 4. Dandeetti qonnaan bulaa gabbisuu | - Leenjii maasaa/ooyiruu irratti shaakalliin deeggarame kennuu - Waa’ee dhimma koorniyaa irratti hubannoo gabbisuu - Dawwannaa muuxannoo wal jijjiiruu (akka barbaachisetti) - Ayyaana qonnaan bulaa gaggeessuu |
| Hordoffii fi gamaggama yeroo yeroon (hirmaannaa qu’annoo dhumaa dabalatee) | |

Asi jirra.

2.1. Seensaa

Qu’annoo dhumaa gaggeessuun kan gargaaruuf jijjirama garee xiyyeeffanna odeeffannoo ogummaa oomishaa midhaanii ofitti fudhatanii omishuu danda’an, akkamitti akka gurgurachuu danda’an akkasumas akkaataa itti galii isaanii guddifachuu danda’aniif kan isaan gargaaru dha. Hordoffii kanaan qotee bulaa fi ogeessi ekisteenshiin qonnaa beekumsaa fi dandeettii walii qooduun qawwaa ogummaa uumame irraatti hundaa’uudhaan qotee bulaa xiyyeeffannaa gargaaru.

2.2. Kaayyoo

- Dandeettiin ogummaa qonnaan bulaa oomisha kuduraa fi muduraa irratti osoo hin deeggaramiinii fi erga deeggaramanii ykn qu’annoo duraa fi qu’annoo boodaa wajjin wal bira qabanii madaaluu, haala walitti hidhaminsa gabaa oomishaa waliin qabanii akkasumas galiin qotee bulaa xiyyeeffannoo dabaluu fi dhiisuu adda baasuuf
- Erga deeggarsi ogummaa taasifameefi booda qotee bulaan xiyyeeffannoo hanqina jiruu fi gara fuula duraatti maal gochuu akka qaban hubachiisuuf

2.3. Hordoffii yeroo yeroo fi qu’annoo dhumaa qinnddeessu

2.3.1. Hirmaatootaa

- Qindeessitoota: Ogeessaa aanaa fi Hojjata misooma hundaa
- To’attoota: Ogeessota Federaaalaa, Naannoo fi Godinaati
- Qopheessitoota (Host): Miseensa qotee bulaa garee xiyyeeffanna

2.3.2. Turmaataa

Tokko tokko gareetiif guyyaa tokko

2.3.3. Iddoo Walgahii

Iddoon mana qonnaan bulaa garee xiyyeeffannaa bira ta’e muka jala ykn wiirtuu leenjii qonnaan bulaa keessa ta’u danda’a.

2.4. Saamuda tilmaama baajataa

Saamuda baajataa hordoffii yeroo yerootiif

| Gosa Baajataa | Baayina Guyyaa | Baayina namaa |
|---|----------------|---------------|
| Durgoo (Ogeessa Aanaaf) | 1 | 2 |
| Durgoo (Ogeessa federaaalaa/Naannoo/Godina fi konkolaachisaa isaanii) | 1 | TBD** |

| Gosa Baajataa | Baayina Guyyaa | Baayina namaa |
|--|----------------|---------------|
| Baaii Geejjibaa fi Boba'aa | 1 | TBD** |
| Meeshaalee leenjii (filiip chaartii, markarii fi kiliip boordii) | 1 | 1 |
| Meeshaalee leenjii (Foormii piriinti ta'uu fi qalama) | 1 | 45 |

* Kan armaan olii kun Fakeenyaaf kan kaayame dha. Hojiilee qabatamaa keessa yoo galame haala qabatamaa Aanaalee fi haala yeroo irratti hundaa'uudhaan sirreeffamoota tokko tokko taasisuun ni danda'ama

**TBD: To Be Decided (Booda irratti murtaa'a)

2.5. Akkamitti Qu'aannon dhumaa gaggeeffama

- Ogeessi aanaa, Hojjatan misoomaa fi qotee bulaa xiyyeeffaanna wajiin mari'achuun guyyaa fi iddoo mi-jeessuu.
- Hojjatan misoomaa fi ogeessi aanaa sagantaa dawwaanna dirree qonaan bulee xiyyeeffannaf mijeessuu.
- Ogeessi aanaa fi hojjetaan misooma hundaa foormaatii qu'annoon dhumaa ittiin taasifamu qopheessu

2.6. Akkamitti qu'aannan dhuma gaggeeffama

Qu'aanna dhuma

- Qu'aannan dhuma kan gaggeeffamu akka hojii qaamaa hordoffii yeroo yerootti fudhatama.
- Ogeessi aanaa fi hojjetaan misooma hundaa foormaatii qu'annoo dhuma qopheessuun qotee bulaa xiyyeeffannoo dhaaf dubbisuudhaan ibsa irratti kennuuf
- Guyyaa mijataa ta'e murteessuun qu'annoo dhuma gaggeessu (adeemsaa fuulaa 28 sadarkaa 2 hirmaannaa qu'annoo ka'umsaa)

Raawwii dabalata Maaliif qu'annon dhuma gaggeeffama.

Qu'annon dhuma Hojjata misoomaatii fi Aanaa jijjjirama qonnan bulaa garee xiyyeeffanna Beekumsaa, dandeettii fi galii agrsiisee akka hubatan kan taasisuu ta'u.

Dabalataniisv qotee bulaan haala darebee fi ammaa keessaa jiru akka hubatuu kan taasisuu ta'u

2.7. Kallatti fuula dura

Ogeessii Godinaa fi aanaa waliin ta'uun xiinxala ragaa gaggeessuun bu'aa qu'annoo dhuma qu'annoo jalqabaa waliin walmadaalchisuun garee Hoggansaa godinaaf qoodu akkasumaas qotee bulaa fi hojjata misoomaa hundaa tiif duub-deebii kennu.

2.8. Footoogiraafii



Qu'annoo dhuma gaggeessu

Tarree Ibsaa dabalata

Dokmantin kun marti websitii JICA (URL) kan irra bu'e (download) ta'e.
<https://www.jica.go.jp/project/english/ethiopia/010/materials/index.html>

Boqonnaa 2: Tooftaa Raawwii Ethio-SHEP

2-1. Qophii

| Baayinaa ibsaa Dabalata | Maqaa dokimantii | Gosaa |
|--|--|---------------------|
| Tarkaanfii Jalqaba duraa 1. Marii/Walgahii hubannoo uumuu fi Baniinsaa sirna Piroposaalaa | | |
| 1.1.1 | Kaayyoo hojii jalqabsiisuu Ethio-SHEP WS | Dhiyeessuu |
| 1.1.2 | Gahee fi itti gafatamummaa CPS fi pirojakitii | Dhiyeessu |
| 1.1.3 | Gabaasaa Hojii Ethio-SHEP | Dhiyeessuu |
| 1.1.3.1 | Ibsaa toftaa poropsala | dhiyeessuu |
| 1.1.3.2 | dhiyeessaan kan dubbisaaniidha | Dhiyeessu. |
| 1.1.3.3 | Uunkaa barreeffama leenjii | Barreeffama Leenjii |
| 1.1.4 | Ulaagaa filannoo | Dhiyeessuu |
| 1.1.5. | Xiyyeeffanna irraatti ewaan xiqqqoo sammuu namaa kaksuu hojjachuu. | Dhiyeessuu |
| Tarkaanfii jalqaba duraa 2. Aanaalee filachuu | | |
| 1.2.1. | Shee gamaggama dirree | Barreeffama |
| Tarkaanfii jalqaba duraa 3: Walgahii Leenjii leenjistoota SHEP (ToT) | | |
| 1.3.1 | Seensaa Ethio-SHEP | Dhiyeessu |
| 1.3.2 | Koorniyaa maaliif Koorniyaa | Dhiyeessu |
| 1.3.3 | Xiinaalaa Koorniyaa | Dhiyeessu |
| 1.3.4 | Walga'ii hojii jalqabsiisuu keenuu | Dhiyeessu |
| 1.3.5 | Qu'aannoo Bu'uuraa | Dhiyeessu |
| 1.3.6 | Qu'aannoo Gabaa, Midhaan filuufi karoora raawwii qopheessu | Dhiyeessu |
| 1.3.7 | Fooramii walitti hidhasminsaa Gabaa | Dhiyeessu |
| 1.3.8 | Gahee fi itti gafatamummaa | Dhiyeessu |
| 1.3.9 | Ulaagaa filannoo | Dhiyeessu |
| 1.3.10.1 | Ka'umsaa fi Dhummaa G24 | Foormaatii |
| 1.3.10.2 | Formaatii filannoo midhaanii | Uunkaa |
| 1.3.11.1 | Shiittii miidhaan ittiin filatamu | Uunkaa |
| 1.3.12.1 | Formmaatii qu'aannoo Gabaa | Uunkaa |
| 1.3.12.2 | Fakeenyaa Qu'aannoo Gabaa | Uunkaa |
| Tarkaanfii jalqaba duraa 4: Filannaa Garee xiyyeeffannaa Qonnaan bulaa | | |
| 1.4.1. | Ulaagaa filannoo Garee | Uunkaa |

2-2 Leenjii Garee Qonnaan bulaa Xiyyeeffannaa

| Baayinaa ibsaa Dabalata | Maqaa dokimantii | Gosaa |
|--|-----------------------------------|---------|
| Tarkaanfii 1: Walgahii baniinsaa filannaa bakka bu'aa garee qonnaan bulaa Xiyyeeffanna Waldaa Fayyadamtoota Bishaanii | | |
| Tarkaanfii 2: Qo'annoo Ka'umsaa Hirmaannaan | | |
| 2.2.1 | Ka'umsaa fi dhumaa G24 | Uunkaa |
| 2.2.2 | Ka'umsaa fi dhumaa CPfIA | Uuunkaa |
| Tarkaanfii 3: Qo'annoo Gabaa | | |
| 2.3.1 | Formaatii Qu'aannoo Gabaa | Uunkaa |
| 2.3.2 | Fakeenyaa Qu'aannoo Gabaa | Uunkaa |
| 2.3.3 | Uunkaa qu'aannoo Gabaa Excel | Uunkaa |
| Tarkaanfii 4: Midhaan filatame | | |
| 2.4.1 | Sheet formaatii filanno miidhanii | Uunkaa |

| Baayinaa ibsaa Dabalata | Maqaa dokimantii | Gosaa |
|--|---|-----------|
| 2.4.2 | Fakeenyaa sheet filannoo m midhanii | Uunkaa |
| 2.4.3 | Sheet formaati filannoo miodhaanii excel | Uunkaa |
| Tarkaanfii 5: Fooramii walitti Hidhamiinsaa Gabaa | | |
| 2.5.1 | Haala waliigala formaii projaketii Ethio-SHEP | Dhiyeessu |
| Tarkaanfii 6: Ethio-SHEP Leenjii Teekinkaa Leenjifitootaa LL | | |
| 2.6.1 | Kayyoo Leenjii | Dhiyeessu |
| 2.6.2 | Seensaa | Dhiyeessu |
| 2.6.3 | GHCP fi PHHT24 | Dhiyeessu |
| 2.6.4 | Bookashi qopheess | Dhiyeessu |
| 2.6.5 | To'annoo hawwanisaa fi duukkubaa | Dhiyeessu |
| 2.6.6 | Lakkofsaa yeroo miidhanii | Dhiyeessu |
| 2.6.7 | Karooora raawwii qopheessu | Dhiyeessu |
| Tarkaanfii 7: Sadarkaa Xiinxalaa rakkoo yeroo omishaa midhaani fi baajataa | | |
| 2.7.1 | Ingiliffaan lakkofsaa yeroo miidhanii gaggeessu | Uunkaa |
| 2.7.2 | Amaarriffan lakoofsaa yeroo miidhanii gaggeessu | Uunkaa |
| 2.7.3 | Orommiiffaan lakkofsa yeroo midhaani gaggeessu | Uunkaa |
| Tarkaanfii 8: Leenjii dirree irraa | | |
| 2.8.1 | Meeshaa Leenjii Afaan Ingiliffaa fi kamishibai | PDF |
| 2.8.2 | Meeshaa leenjii Afaan amaaraa fi Kamishibai_ | PDF |
| 2.8.3 | Meeshaa leenjii Afaan oromoo fi Kamishibai | PDF |
| 2.8.4 | Hirtaa Afaan Ingiliffaa | PDF |
| 2.8.5 | Hirtaa Afaan Amaraa | PDF |
| 2.8.6 | Hirtaa Afaan Oromoo | PDF |
| Tarkaanfii 9: Hubannoo waa'ee koorniyaa Gabbisuu | | |
| 2.9.1 | Maanuwaalii Leenjii koorniyaa Afaan Ingiliffaa | PDF |
| 2.9.2 | Maanuwaalii Leenjii koorniyaa Afaan Amaraa | PDF |
| 2.9.3 | Maanuwaalii Leenjii koorniyaa Afaan Oromoo | PDF |
| Tarkaanfii 10: Qonnaan bulaa qonnaa bulaa irraa akka baratee kaka'umsaa horatu sagantaa dawwaannaa wal jijjirraa qopheessuu | | |
| 2.10.1 | Dawwaanna duraa fi boodaa Qindeessuu. | Uunkaa |
| 2.10.2 | Check sheet fi safartuu qaamaa | Uunkaa |
| 2.10.3 | Sammuuda sagantaa fi Bajataa | Uunkaa |

Boqqoonnaa 3: Hordoffii fi gamaggamaa

1. Hordoffii yeroo yeroon

| Baayinaa ibsaa Dabalata | Maqaa dokimantii | Gosaa |
|-------------------------|------------------------------|--------|
| 3.1.1 | Formaatii Gabaasaa | Uunkaa |
| 3.1.2 | Fakeenyaa formaatii Gabaasaa | Uunkaa |
| 3.1.3 | Sammuuda Gabaasaa dhiyaatee | Uunkaa |

2. Qu'annoo Marsaa dhumaa

| Baayinaa ibsaa Dabalata | Maqaa dokimantii | Gosaa |
|-------------------------|---------------------------|--------|
| 3.2 | Formaatii qu'annoo dhumaa | Uunkaa |

3. Battallee "Itiyoo-SHEP"

| Baayinaa ibsaa Dabalata | Maqaa dokimantii | Gosaa |
|-------------------------|-------------------------|--------|
| 3.3 | Battallee "Itiyoo-SHEP" | Uunkaa |

